# XIINXALA HOJIIRRA OOLMAA ADEEMSA BARATTOOTA GIDDU GALEESSA GODHATEEN AFAAN OROMOO BARSIISUU HAALA MANA BARUMSAA SADARKAA LAMMAFFAA ATINAAGOO KUTAA KURNAFFAA

**MASGABUU OLUMAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOF OG BARRUU BARSIISUUTIIN GUUTACHUUF QOPHAA,E YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HIYUUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAANOROMOOFI OG BARRUUF DHIYATE**

**HAGAYYA 2016**

**JIMMA, OROMIYAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOF OG BARRUU BARSIISUUTIIN GUUTACHUUF QOPHAA,E YUUNIVARSIITII JIMMAKOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HIYUUMAANIITII DAM EE BARNOOTA AFAANOROMOOFI OG BARRUUF DHIYAATE.**

# XIINXALA HOJIIRRA OOLMAA ADEEMSA BARATAA GIDDU GALEESSA GODHATEEN AFAAN OROMOO BARSIISUU HAALA MANA BARUMSAA SADARKAA LAMMAFFAA ATINAAGOO KUTAA KURNAFFAA

**QORATAAN MASGABUU OLUMAATIIN**

**GORSAAN ALAMAAYYOO FAQQADAA (PHD)**

**GORSAA AANTEE Mr TAAKKALEE GAMMACHUU**

**HAGAYYA 2016**

**JIMMA,OROMIYA**

# Baafata

Qabiyyee Fuula


Galata ......iii

AXAREERAA ...... v

HIIKAA GABAAJEEWWANII......vi

Tarreewwan Gabateewwanii ......vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ...... 1

1. Seen-Duubee Qorannichaa ...... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ...... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ...... 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo...... 4

1.3.2. Kaayyoo Gooree ...... 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ...... 5

1.5. Daangaaa Qorannichaa ...... 6

1.6. Hanqina qorannichaa ...... 6

1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa...... 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ...... 7

2. Adeemsa Afaan Barsiisuu fi barachuu ...... 7

2.1. Maalummaa Adeemsa Afaan baruu Barsiisuu ...... 7

2.1.2. Bu'aa AdeemsaAfaan Baruu-Barsiisuu...... 8

2.1.3. Adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessatti qabiyyeen dhunfatamu ..... 9

2.2.Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Giddugaleessa Godhate Keessatti ...... 13

Gahee Barsiisaa...... 13

2.2.1. Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Giddugaleessa Godhate Keessatti Ga'ee Barataa...... 14

2.2.2. Bu'a Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Giddu-galeessa Godhate Keessatti Gahee Barataa ..... 16

2.2.3. Akkataa Adeemsi Barataa Giddugaleessa Godhatee Itti Hojiirra Oolu...... 17

2.2.4. WantootaAdeemsaBaruu BarsiisuuBarataaGidduugaleessa Godhaterratti GufuuTa'an ...... 21

2.3.Yaadaddimoota Barachuu...... 22

2.3.1 Yaadiddama Hawaasummaan Barachuu ...... 22

2.3.2. Yaadiddama Dandeettii Sammuu ...... 23

2.3.3 Yaadiddama Moodeela Barachuu ........ 24
2.4. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 25
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 26
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 26
3.2 Gosa Qorannichaa ........ 26
3.3. Irraawwatama Qorannichaaa ........ 27
3.4. Madda Ragaa ........ 27
3.5. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 27
3.6. MeeshaaleeFunaansaRagaalee ........ 29
3.6.1. Bargaaffii Barattootaaf ........ 29
3.6.2 Af-gaaffii barsiisoota ........ 29
3.6.3. Daawwannaa Daree ........ 30
3.7. Qaaccessafi Hiika Ragaalee ........ 30
BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE ........ 32
4.1 Odeeffannoo Ragaa Kennitootaa ........ 32
4.2. Hojiirra Oolmaa Adeemsa Baruu fi Barsiisuu Barataa Giddu galeeffate ........ 32
4.3 xiinxala Ragaa Afgaaffii Barsiisotaa ........ 34
4.4. Adeemsa Barataa Giddugaleessa godhatetti Rakkoolee Barsiisaa Mudatan ........ 36
4.5. Wantoota Adeemsa Baruufi Barsiisuu Barataa Giddu-Galeeffatetti Gufuu ta'an Maksuu. ........ 40
4.6 Xiinxala Ragaa Daawwannaa Daree Irraa Argame ........ 42
BOQONNAA SHAN:GUDUNFAA, ARGANNOO FI YEROO ........ 49
5.1. Gudunfaa ........ 50
5.2. Argannoo ........ 51
5.3. Yaboo ........ 53
Wabiilee ........ 54
DABALEE A ........ 57
DABALEE B ........ 60
DABALEE C ........ 62

## Ibsa

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ulaagaa qorannoon tokko guutuu qabu keessa ce'uun waraqaa qorannoo kana mata duree, 'Xiinxala Hojiirra Oolmaa Adeemsa Barataa Giddu Galeessa Godhateen Afaan Oromoo Barsiisuu Haala Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Atinaagoo Kutaa Kurnaffaa'' jedhu irratti ulaagaa Digirii Lammaffaa ( MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuutiin Guuttachuuf Qophaa'e.

**Qorataa**

Maqaa:-Masgabuu Olumaa

Mallattoo______________

Guyyaa_______________

**Gorsaa Dursaa**

Maqaa Dr Alamaayyoo Faqqadaa Mallattoo___________Guyyaa_____________

**Gorsaa Aantee**

Maqaa Mr Taakkalee Taakkalee Gammachuu Mallattoo ___________Guyyaa_____________

**Qoraa keessoo**

Maqaa ________________________Mallattoo__________Guyyaa _____________

**Qoraa alaa**

Maqaa ___________________________Mallattoo____________Guyyaa ___________

## Galata

Hunda dursuun bu'aa ba'ii jiruuf jireenya koo keessatti akka Afaan saba koo baradhee qoradhu kan na taasise waaqayyoof galanni haa ta'u. Akkasuas waraqaan qorannoo koo kun akka galma ga'uuf yeroo hundaa nuffii tokko malee yeroof beekumsa isaanii osoo hin qusatiin kan na gorsaa turan gorsaa koo Dr Alamaayyoo Faqqadaatiif galanni koo guddaadha. Kana malees gorsaa aantee koo kan ta'an Mr Taakkalee Gammachuu nan galateeffadha.

Itti aansuu haadha warraa koo barsiituu Dabalee Hambisaa jalqabbii barumsa koo irraa kaastee hanga xumura qorannoo kootti deeggarsa yaadaa fi qabeenyaan naaf taasisaa turteef nan galateeffadha. Kana malees ijoollee koo Dagaagaa Masgabuu fi Milkeessaa Masgabuu yeroo barumsaas ta'ee yeroon qorannoo koo kana hojjedhutti kunuunsa isaaniif gochuu qabu kanan itti hir'iseef yeroo kanatti isaanis waan naa obsaniif galatoomaan jedha. Kana malees barsiisota mana barumsaa atinaagoo sadarkaa lammaffaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisaniifi barattoota kutaa kurnaffaa bara kana baratan yaada qorannoo kanaaf barbaachisu osoo of hin qusatiin waan naaf kennitaniif guddaa galatoomaan jedhaan.

***AXAREERAA***


*Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan Xiinxala hojiirra oolmaa adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate kan Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Atinaagoo kutaa10ffaa xiinxaluudha. Adeemsa hojiirraa oolmaa baruu-barsiisuu barataa giddugaleeffate xiinxaluuf qorataan ragaa barbaachisu funaannatee jira.Qorannoo kana geggeessuuf qorataan saxaxa ibsaa fayyadameera.Saxaxa ibsaa keessaa immoo ibsa akkamtaafi hammamtaa yeroo ta'u, sababni akkamtaafi hammamtaa fayyadamuufimmoo qorannoo kana caalaatti qabatamaa taasisuuf adeemsa makoo fayyadmun Kan hojirra ooledha. Malli qorannoo kanaf ragaan ittiin funaanaman afgaaffii, bargaaffii, daawwannaa dareefi marii gareetti.*

*Qorannoo kana keessatti madda raga ta'anii kan ragaan irraa funaaname maddi ragaa barsiisota Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Atinaagoo Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota kutaa 10ffaa A-Ftti jiran dhi=210 dha=320 ida'ama =530 daree 'D' fi 'F' baratan keessaa adeemsa iddaatteessuu carraatiin kan filataman yeroo ta'u,akkasums qabxiilee barattoota galma'ee jiru, dookimantoota adda addaa haala isaan ittin qabxii daree galmeessanifi barruulee wa'ee adeemsa barataa giddu-galeeffaten walqabatanidha.Iddattoowwan dhimmi qorannoon irratti geggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban barsiisota sadiif af-gaaffii, barattoota 92(30 suutoo,40 giddugaleessafi 22 qaxalee) irraa ammoo ragaan bar-gaaffii irraa sassabame dhiibeentaafi ibsa jechaatin ibsamaniru. Argannoon argames barsiisonni mana barumsa Atinaagoo hojirra oolmaa adeemsa barataa giddugaleessa godhate irratti, waan irraa eegamu hin hojjenne. Kana jechuun, barattoota isaaniif mataduree barnootichaa haa beeksisaniyyuu malee, kaayyoo barnootichaa hinibsine.*

*Akkasumas, barattootni barnoota dura kaka'umsa akka qabaatan hin goone.Irra caalaa adeemsi kenna barnootaa, barsiisa giddugaleessa kan godhateedha.Mana barumsichaatti, barsisonni yeroo hojii garee kennaan, tokkoon tokkoon barattootaaf gahee hinkennan hinhordofanis. Akkasumas, barattoota hanqina qubee Afaan Oromoo guutanii barreessuu qabaniif gargaarsi kan hingodhamneefi ta'uusaa barsiisonni mana barumsichaa, meeshaalee deeggarsa barnootaa kan hinqopheessineefi kan ittihinfayyadamnedha.Kanafuu adeemsa baruu barsiisuu qabatamaa taasisuuf, meeshaalee barnootaaf barbaachisan guutuun murteessaadha.*

*Faayidaa adeemsa baruu-barsiisuu hubachuun, manni barumsaa barsiisaan, barataaniifi maatiin waan irraa eegamu gochuu qabu.Meeshaaleen deeggarsa barnoota, barnoota qabatamaa taasisuufi qalbii barattootaa xiyyeeffannoo keessaa galchuuf iddoo guddaa waan qabaniif, barsiisaan meeshaalee deeggarsaa kana qopheessuun itti fayyadamuu qabu.Baruu barsiisuun haala Kanaan yoo adeemame adeemsi barataa giddu galeefate kan dhugoomu ta'a jedheen amana.*

**HIIKAA GABAAJEEWWANII**

BBO : -Biiroo Barnoota Oromiyaa

ICDR: -Institute for Curriculum Development Research

MOE: -Ministry of Education

M: -Mean

SD: - Standard Deviation

SPSS: - Statistical Package for Social Science

**Tarreewwan Gabateewwanii**

Gabatee 1 Bargaaffii hojiirra oolmaa adeemsa barataa giddu galeeffate barattoota irraa Sassaabame……………………………………………………………………32

Gabatee 2 Bargaaffii barattoota irraa walitti qabame rakkoolee adeemsa barataa giddu galeessa godhatetti gufuu ta’an…………………………………………………………..36

gabatee 3 Bargaaffii barattootaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu galeessa godhatetti wantoota dhiibbaa uuman adda baasuuf deebi’e. …………………………………..40

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1. Seen-Duubee Qorannichaa

Adeemsa Afaan barsiisuu keessatti wanti xiyyeeffannoo barbaadu barattoonni mataa isaaniin akka baratan Kan isa taasisu gochuu isaati. Kunis mala afaan barsiisuu karaa gurguddaa sadiin ilaalamu. Isaanis: malabaruu barsiisuu barsiisaa giddu-galeeffate yookin immoo mala barsiisaan kallattiin hojii daree keessaa hundaa ofiin raawwatu/aadaa yookin immoo malabaratamaa jedhama. Kanneen biroon immoo mala baruubarsiisuu barata giddu-galeessa godhateefi mala baruu barsiisuu qabiyyee giddu-galeeffatedha.Adeemsi barata giddu- galeeffate kunis hirmaachaisaa kan ta'e alkallatti yookin ammayyaa jedhamuun kan beekamuudha Moore (2001). Adeemsa baruu barsiisuu barattoota giddugaleessa godhate isa filatamaaf hirmaachisaa ta'uun barattoonni si'aayinaan akka hirmaattota ta'an gochuuf Kan gargaarudha (Osullivan, 2003). Adeemsi baruu barsiisuu qabiyyee giddugaleessa godhate keessatti ammo dandeettiwwan afaanii lamaafi Sanaa ol ta'anii qabiyyee tokko keessatti walqabatanii walfaana Kan dhiyaatan jechuudha (chamot & O'Malley, (1994).

Kanaafuu adeemsa barsiisaa giddu-galeeffate keessatti barattoonni callisanii dhaggeeffachuu akkasumas gabatee gurraacharraa galagalchuun barsiisaan qofaan Kan dalagamu barattoonni dandeettii isaanii Kan hin gabbifanneefi karaa bilisa ta'een akka isaan hin barannetti Kan daangessuudha. Haa ta'u malee,adeemsa barachuu barataa giddugaleessa godhate keessatti barattoonni miseensota dursaati yaada jedhurratti Kan bu'uurrefatuudha. Kana malees, barumsi Kan qophaa'u akkuma fedhii, sadarkaa fi ga'umsa akkasumas dandeetti barattootaa waliin akka deemu taasifameeti. Barumsichi barataa giddugaleessa yoo godhate garaagarummaa barattoota gidduu jiraachuu danda'u beekuuf nu gargaara Worth, (2009).

Baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessatti adeemsi barataa-giddugaleeffate bu'aa inni barataaf buusu barattoonni barumsa afaanichaa sanaan dandeetti gaarii akka horatan gochuu dhaan gochawwan barsiisaan barattootaaf dhiheessu barattoota hunda akka hirmaachisu taasisa. Barattoonni wanta dhihaate sana keessaa bu'aa argachuu danda'u. Wanta baratan sana sirritti akka hubatan yookiin dandeettii gahaa ta'e akka horatan isaan gargaara.Hojii qabatamaa akka hojjataniifi muuxannoo gahaa ta'e akka horatan isaan gargaara ( Rodgers, 1987).

Barattoota gidduutti waldorgommiin gaarii akka umamuufi barattoonni barumsaaf kaka'umsa akka qabaatan taasisuun barumsa barachaa jiraniif itti gaafatamummaan akka keessatti hirmaatan

isaan taasiisa. Akkasumas, yaada walirraa akka fudhatan isaan gargaara. Haaluma walfakkatuun Rodgers, (1983) adeemsi baruu barsiisuu barataa giddu-galeessa yoo godhate barattoonni caalmaatti fayyadamoo akka ta'an ibseera.

Amaloonni barataa gidddugaleessa godhate ittiin ibsamu keessaa muraasni, barattootarratti bu'uurreffata. Barumsichi barataafi barsiisaan, walgargaaruudhaan adeemsifama, barumsichi tajaajilaafi beekumsa afaanichaa irratti hundaa'a, hubannootu xiyyeeffatama malee baayina qabiyyee miti. Akkasumas, haala fedhii, eenyummaafi dandeettii barattootaatiin hojiirra kan oolu ta’a. Adeemsa barataa giddugaleessa godhate kun barsiisaafi qabiyyee giddugaleessa godhateen faallaa waan ta'eef barumsichaaf adeemsa filatamaa hojiira oolchuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu, barattoonni naamusa eeganii barumsicha keessattii akka hirmaatan barsiisaan gahee guddaa taphachuu qaba.Adeemsi filatame sun barattoota hunda kan hirmaachisu ta'uu qaba. Qabiyyycen kan barattoota hin nuffisiisne barattonnii hundi gocha kutaa keessattii dhihaate irratti hirmaachuun barumsichi barattoota giddugaleessa taasise jechisiisa. Kanaafuu, adeemsi barataa giddu-galeeffate kanaan baruufl barsiisuu keessatti giddugaleessa kan ta'an barattoota yemmuu ta'an, barumsichis kan qophaa'u barattoonni mataa isaaniitiin yaalanii, shaakalanii dogoggora isaanii irraa akka barataniif.

Akka Reed fi Bergamonn (1995) fi Conbe (1997)ibsanitti, adeemsi baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate jechuun barattoonni akka fedhanitti akka barataniif carraa kan kennee fi mala hirmaachisaa ta'eedha. Dabalatanis Reed fi Bergamonn,( 1995) adeemsi baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessumatti iyyuu barattootaaf ogurnrnaa dubbachuu akka isaan dagaagfatan godha jedhu. Barsiisonnis barattoota isaniif haala mijataa ittiin barsiisan uumuudhaan guddina sammuu barattoota isaaniif saffisiisuudha.

Kana jechuun adeemsa barataa gidiugaleessa godhate mala barachuu keessatti barattoonni shaakala daree keessatti kennamutti akka hirmaataniif carraan yoo kennameef barattootni afaaniin waliin dubbiin yookiin hirmaannaan barachuun bu'aa akka qabaatuudha.
Adeemsa baruufi barsiisuu barsiisaa giddu-galeeffate keessatti barattonni haala hirmaachisaan hin baratan.Carraa isaan qaban kan barsiisaan beekuufi hubatu qofaa fudhachuun dha.

Haala barachuu keessatti gaheen barattootaa murtaa’adha. Akka Duck Worth,(2009) ibsuttis adeemsa baruufi barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhate dandeettii barnoota barattootaa dhorka

jechuun barreesseera. Akkasumas, mala baruufi barsiisuu baratata giddugaleessa godhate kanatti, barataan si'aayinaan hirmaachuun itti gaafatamummaa godhachuun,kallattii mala baruufi barsiisuu barataa hirmaachise keessatti gahee isaa ni baha. Adeemsa barachuu barataa giddugaleessa godhate kanatti barnoota haala si'ataa ta'een kennuuf Mala baay'eetu jiru. Moore(2001), akka ibsutti adeemsa barachuu barataa giddugaleessa godhate keessatti barattoota si'atoo ta'an akka hammataman taasisuuf kanneen akka argannoo, pirojektii, waliin barachuu, gaaffii dhiyeessun barachuu, hojii garee, mala gahee taphachuun, mala rakkoo hiikuun hojii dhuunfaafi kkf akka fakkeenyaatti kaa'ee jira.

Kana jechuun barsiisaan malleen kana keessaa waliin kan deemu filachuun haala barattoota hirmaachisuu danda'uun akka barsiisuuf isa dandeessisa.Adeemsa barachuu barataa giddu-galeeffate tooftaaisa barsiisaafi qabiyyee giddugaleessgodhateen faallaadha.Kanaafuu,adeemsa ba rataa giddugaleessagodhate hojiirra akka hinoolleef wantootni adda addaa gufuu akka ta'an Farrant (1980), Lue (1998), Moore,(2001), ibsanitiin yeroon barnootaaf kenname, gahaa ta'uu dhabuu, bal'inni dareefi baay'inni barattootaa walsimuu dhabuu.Baay'ina barattootaafi kitaabileen barnootaa walsimuu dhabuu.

Leenjii dhabuu barsiisotaafi barattootaa akka fakkeenyaatti kaa'u. Haa ta'u malee, afaan barsiisuu keessatti, tooftaan afaan barsisuu xiyyeeffannoo guddaa kan qabudha.Tooftaan afaan barsisuu keessatti wanti xiyyeeffannoo barbaadu ammo filatamaan barataan mataa isaatin akka baratu kan gargaaru, barataa hirmaachisu; barataaf ga'ee guddaa kan kennu yoo ta'e barataa giddu-galeessa kan taasiseedha.Kanaafuu hojiirra oolmaa adeemsa barataa giddu-galeessa godhate haala mana Barumsaa sadarkaa 2ffaa Atinaagoo keessatti Qorataan muuxannoo isaa irraa ka'uun barnoota Afaan Oromoo barsiisuu irratti hanqinni hojiirra Oolmaa adeemsa barataa giddu-galeessa godhate waan hubateef qorachuuf xiyyeeffateera.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Adeemsa kenna barnootaa barsiisaa giddu-galeessa godhate olaantummaan barsiisaa harka caalaa itti mul'atudha. Malli akkasii baratoota hirmaachisaa taasisuu kan hin dandeenyeedha. Kanaafuu dhiyaannaa adeemsa barataa giddugaleessa godhate keessumattiyyuu barnoota afaaniif filatamaadha.Sababni isaas barataan dandeettiiwwan afaanii qabutti fayyadamuun adeemsa barachuu keessatti si'aayinaan hirmaachuun dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi

barreessuu carraa itti guddifatu waan kennuufiidha. Akka MoE, (1994) tti biyya keenya keessatti imaammanni barnootaa haaraa ba'e adeemsa barataa giddugaleessa godhate hojiirra akka oolu kan jedhu yoo ta'ellee hojiirra oolmaansaa gahaa miti.

Akka Lue (2000), Moore (2001) ibsanitti, adeemsa barsiisaa giddugaleessa godhate adeemsa baratamaa yeroo dheeraa tureedha. Haala baruufi barsiisuu keessatti barsiisaan kallattiin dursa ofii fudhachuun barsiisuun bakka itti sirriitti mul'atudha. Kanarraa kan ka'e barattoonni mala barachuu keessatti hirmaachuuttidaagii ta'uunwaan barsiisaarraa dhaga'anduwwatti amanu. Haalli dhiyaannaa isaas baruufi barsiisuu barataa kan hin hirmaachiisneedha.Kanarraa ka'uun qorataan wa ntoonnni akka inni adeemsa barataagiddu-galeelfaterratti xiyyeeffattu taasise: muuxannoo qabu irraa ka'uun barattoonni daree barnootaa keessatti dubbatanii yaada isaanii ibsuu dadhabuu, gaaffilee shaakalaa hojjetanii deebisuu dadhabuu, dareen barnootaa barsiisaan dhuunfatamuu madda rakkoo qorannoo kanaa ta'e qorataatti mul'ateera. Kanarraa ka'uun qorataan hojiirra oolma adeemsa kenninsa barnootaa barataa giddu galeessa godhateetti barsiisonni fayyadamaa jiraachuu isaanii fibarattoonnis haala isaan hirmaachiseen barachuu isaanii xinxaluuf karoorfatee jira. Walumaagalatti adeemsi barataa giddu-galeessa godhate hojiirra oolmaansaa maal akka fakkaatu xiinxaluuf ka'umsa godhatee qorannoo kanaafis gaaffiilee bu'uuraa armaan gadii qopheessee jira.

- ❖ Adeemsa barachuu fi barsiisuu keessatti barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffaa adeemsa barataa giddu galeessa godhateetti hangam fayyadamanii barsiisuu ?
- ❖ Barsiisonni adeemsa barachuu barataa giddugaleessa godhate kana yeroo fayyadamanii barsiisan rakkooleen isaan quunnaman maal fa'ii.?
- ❖ Dhimmoota adeemsa barachuu fibarsiisuu barataa giddu-galeeffatetti dhiibbaa uuman akkamitti maqfamuuqabuu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kutaa kana keessatti kaayyoon qorannichaa gooroofi gooreetti addaan qoodamee ibsama.

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Atinaagoo kutaaa 10ffaa gosa barnoota afaan oromoo barsiisuu xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa immoo:

- Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa adeemsi barataa giddu-galeessa godhate akkamitti akka fayyadaman adda baasuu,
- Wantoota adeemsa baruu barsiisuu keessatti barnoota barataa giddugaleessa godhateetti rakkoo ta'an addaa baasuu.
- Dhimmoota adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeeffatetti dhiibbaa uumaniif fala ka'uu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Afaan barsiisuu keessatti, adeemsi afaan ittiin barsiifamu xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadudha. Haaluma kanaan mala filatamee barataan mataa isaatiin akka baratu kan gargaaru, adeemsa barataa hirmaachisu, adeemsa baruu barsiisuu barataaf ga'ee guddaa kennu barataa giddu-galeessa kan taasisee gara fuulduraatti barataa gahumsa qabu, of danda'aafi dorgomaa ta'e oomishuuf ta'uu qaba. Dabalataanis, adeemsi baruu barsiisuu barataa giddu-galessa godhate mana barumsaa keessatti barataan ofii isaatiin shaakalu, ofgahoomsu, dorgomaafi of danda'aa kan ta'e oomishuudha. Kanaafuu, qorannoo kanaan adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate hojiirra oolmaa isaa xinxaluudha. argannoon qo'annoo kanaa qaamota armaan gaditti tarreeffamanii adeemsa barataa giddu-galeefateen Afaan oromoo barsiisaniif gargaarsa guddaa kenna jedhamee amanama.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeeffate hojiirra oolchuuf hubannoo qaban gabbifachuutu.
- Barattoonni mana barumsaa qorannoon irratti geggeeffame adeemsa barataa hirmachisen yoo barataan ofitti amantummaa akka horatanii hubannoo isaanii cimsuuf gargaara.
- Gara fuulduraatti mata-duree kanaan walitti dhufeenya kan qabuun qorannoo geggeessuu nama barbaaduuf akka madda ragaatti faayyaduu danda'a.

### 1.5. Daangaaa Qorannichaa

Daangaa qorannoon kun keessatti geggeeffamu: Naannoo oromiyaa Godinaa jimmaa Aanaa Limmuu Saqqaa mana barumsaa Atinaagoo sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa barattoota barataa jiran kan bara 2016 ta'a. Haaluma kanaan qorannoon kun hojiirraa oolmaa adeemsa barataa giddu-galeeffate xiinxaluuf kan xiyyeeffatedha.

### 1.6. Hanqina qorannichaa

Qorannoo kana yeroo adeemsisaa ture keessatti hanqinoonni qorataa mudatan tokko tokko nijiru isaanis hojii hojjechaa waan qoratuuf hanqinni yeroo mudateera. Kanas qorataan yeroo isaa waliin geessisuun rakkicha furatee jira.Dabalataanis hanqinoonni qorannoo kanaa,baajeta gahaa fi yeroo gahaa dhabuu irraa kan ka'emanneen barnootaa sad.2ffaa Aanaa Limmuu saqqaa keessattiargaman utuu jiranii mana barumsaa sad.2ffaa Atinaagoo qofarratti hojjechuu,akkasumas gosa barnootaa Afaan Oromoo qofarratti xiyyeeffachuu, manneen barnootaa naannawa sana jiran haammachuu dhabuun hanqina ta'ee qorataatti mul'ateera

### 1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaa Limmuu Saqqaa Aanolee Godinni Jimmaa qabdu keessaa tokko yoo taatu kan argamtus magaalaa guddoo godia Jimmaa irraa kallattii kaabaatti fageenya 111km magaalaa naannoo Oromiyaa irraa 465 km Daangaan Aanaa Limmuu Saqqaa karaa bahaa Aanaa Noonnoo Beenjaa dhihaa Godina BuundhooBeddelleetti Aanaa Yaanfaa Kibbaan Aanaa limmuu Kossaa Kaabaan Godina Wallagga Bahaatti Aanaa Nuunnuu Qumbaan daangoftee argamti.Aanaa Limmuu saqqaa gandoota baadiyyaa 38 fi gandoota magaalaa 2 qabdi. Walumaagalatti gandoota 40 kan qabdudha. Manni barumsaa Atinaagoo sadrkaa 2ffaa bara 1994 adeemsa baruu barsiisuu barsiisaa dhiira 12 dh 0 ida'ma 12fi barattoota dhiira 82 dura 26 ida'ama 106 kan jalqabde yoo ta'u amma immoo Manni barumsaa kun barsiisota dhiira 18 dhalaa 15 ida'ama 33 fi dura bu'aa dhiira 3 fibarattoota kutaa 9-12 dhiira 974 dhalaa 1147 ida'ama 2121 adeemsi baruu barsiisuu geggeeffamaa jira. Akkasumas hoojjetoota bulchiinsaa dhiira 6 dhalaa 4 ida'ama 10 qaba. Odeeffannoon kun kan argame dura bu'a mana barumsichaa kan ta'an obbo Malkaamuu Guddataa irraati.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2. Adeemsa Afaan Barsiisuu fi barachuu

Afaan barsiisuufi barachuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu akka ta’e Akram and Malik,(2010) ni ibsu. Kanaaf adeemsi dandeettii afaanii barsiisuu akkaataa kenninsa barnoota afaanii barsiisaan kutaa barnootaa keessatti taasisu saayinsii barnootaati. Kunis kaayyoo afaanii isa guddaa kan ta’e afaan walii galtee guddisuudha. Freeman,(2000, p. 1) “it is important to recogonize that metheds link thoughts and actions because teaching is not entirely abaut one or the other.”jedha. malli walqabsiiftuu yookaan hiituu gochaaf barnootaati jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti malli tooftaa ittiin barnoota laannu yookaa barattoota biraan geenyudha.

### 2.1. Maalummaa Adeemsa Afaan baruu Barsiisuu

Dhimmi baruu barsiisuu barataa giddu-galeeffate akka waliigalaati haala dhiyeenya qindaa'aa irratti hundaa’ee, beekumsa barbaadamu dabarsuuf raawwatudha. Akkasumas, malli karoora waliigalaatti meeshaaleen afaanii ittiin ibsaman.ta’ee, isaan kana jidduutti walfaalleessuun kan hin jirreefi hundi isaanii haala dhiheenya filatamaa kan bu'uureffatanidha' Kunis ifaan ifatti hiika adeemsa barataa giddugaleeffatee kan qinda’ee taa'edha. Adeemsi barsiisaa giddu galeeffate barsiisarra baratatatti darbuudha. adeemsi akkasii barataa isa suutoo godhudha.

Brad (2000) Dabalatani Richardif Rogers, (2001) ibsanitti, afaan barsiisuu keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Adeemsa afaan barsiisuu keessatti wanti xiyyeeffannoo barbaadu ammoo barataa hirmaachisee mataa isaatiin akka baratu kan isa taasisu gochuu isaati. adeemsi baaruu barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate adeemsa barataan mataa isaatiin akka baratu gargaaru, barataa hirmaachisu, barataaf gahee guddaa kan kennu yoo ta'eef barataa giddugaleessa kan taasiseedha jechuun nidanda’ama.

ICDR, (1999:71) pointed out that; In learner centre, students not only receive information they also record it, compare it with their G-to G life, analyze it, and communicate about it. Akka yaada kanaatti malli barataa giddu galessa godhate adeemsa oduu karaa barsiisaa itti darbu qofa fudhatu osoo hin taane, waan baratan qabachuu, jiruuf jireenya guyyaa guyyaa isaanii waliin kan madaalaniifi waa'ee isaa kan dubbatanidha jedhu.

Yaada kana irratti akka hayyoonni Richardifi Rogers (2001) dabalatan akka ibsanitti, baruufi barsiisuun adeemsa akka waliigalaatti haala dhiyaannaafi qindaa'inaa irratti hundaa'ee beekumsa barbaadamu dabarsuuf raawwatuudha jcdhu. Kanaafuu, adeemsi baratаа giddugaleessa godhate kun adeemsa isa barsiisaafi qabiyyee giddugaleessa godhateen faallaa waan ta'eef adeemsa baruubarsiisuu barata giddu-galeessa godhatehojiirraaoolchuunbaay'ee barbaachisaadha.

Adeemsa Kanaan mala baruufi barsiisuu keessatti kan giddu-galeessa ta'an barattoota yemmuu ta'an, barumsichis kan qophaa'u barattoonni mataa isaaniitiin yaalanii, shaakalanii dogoggora isaaniitirraa akka barataniidha. Kanaafuu, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoonni miseensoota dursaati yaada jedhurratti kan bu'uurreffatuudha (Richard fi Rogers 2001).

Kana malees barumsichi kan barsiifamuu qabu akkuma fedhii, sadarkaa fi ga'umsa akkasumas dandeettii barattootaa waliin akka deemu ta'uu qaba. Barumsichi barataa giddugaleessa yoo godhate garaagarummaa barattoota gidduu jiraachuu danda'u beekuuf nu gargaara (Richardfi Rogers 2001).walumaagalatti yaada kanarraa wanti huubatamu adeemsabaruufi barsiisuu kamiiyuu keessatti galma gahiinsa barnootaa keessatti malli barsiisuu barataa giddu-galeeffate iddoo guddaa qabaachuusaati.

### 2.1.2. Bu'aa Adeemsa Afaan Baruu-Barsiisuu

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti malli barsiisuu barsiisaan afaan barsiisuuf qopheeffate haala kamiin osoo barsiisee milkaa'ina argata, beekumsa inni barataaf qoodes akkamiin akka barataan isa hubate saayinsii agarsiisuudha . (ICDR1999). Itti dabaluun Elias (l997),Petty'(2004) wabeeffachuun akka ibsetti, adeemsa baruufi barsiisuu barataa hirmaachise fayyadamuun barataa barsiisuun bu'aa akka qabu ibsan. Karaa biraatiin ICDR (1999) malli tartiiba qabiyyeen ittiin dhihaatus kan murteessudha jedhu. Kanaafuu malli barsiisaan qabiyyee barnootaa akkamitti akka barsiisu barattoonni haala akkamiin akka baratan maal irraatti akka xiyyeeffatamuufi wantoota adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barsiisaafi barattonni agarsiisuu qaban ibsa.

Dabalataanis, barsiisonni yeroo barsiisan adeemsa barataa hirmaachiiseen barsiisuu akka qaban Elias (1997) fi petty (2004) ibsu.

### 2.1.3. Adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessatti qabiyyeen dhunfatamu

Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee giddugaleessa godhate kessatti dandeettiiwwan afaanii lamaafi sanaa ol ta'anii qabiyyee tokko keessatti walqabatanii walfaana dhiyaatan jechuudha. Innis kitaaba barnootaa keessatti qabiyyeen akka baratamuuf,dhiyaatu dandeettiiwwan adda addaa akka yeroo tokkotti walfaana dhimma itti bahaaniif dubbisa yookaan barruu keessatti haammatee dhiyaachuu jechuudha.yaada kanas akka gadiitti cimsu.

> Content-based instruction is defined by the researcher; content-based instruction is actually ahigh-quality strategy for teaching a language because it is taken into consideration learners' prior knowledge, interests and needs in order to teach another language. Moreover, if it is given to the learners meaningful input, they will produce meaningful output, in otherwords students will develop a reading study capability that helps not only the foreign language development, but also to strength competences in the native language (Chamot,A.U. & O'Malley,J.M. 1994).

Akka yaada kanarraa hubatamu tarsiimoon qabiyyee bu'uureffachuun afaan barsiisuu tarsiimoo filatamaa barattoonni muuxannoo duraanii fayyadamuun gara barnoota itti aanutti fedhiifi kaka'umsa gaariin gara bu'a qabeessummaatti akka dhufanfi dandeettii afaanii gabbifatu.

walsimannaan qabiyyee irratti xiyyeeffatu, dandeettiiwwan afaanii qabiyyee gosa barnootaa keessatti argaman ga'umsa barattoota cimsuuf gahee guddaa qabu. Kunis kanneen achi keessatti argaman shaakaluun qunnamtiif fayyadamuun aadaa, jiruufi jireenya keessatti dhimma bahuun kaka'umsaa fi ga'umsa horachuuf gargaar

> "In content-based instruction, students practice all the language skills in a highlv integrated, communicative fashion while learning content such as science, mathematics, and social studies. Content-based language instruction is valuable at all levels of proficiency, but the nature of the content might differ by proficiency level" (Nunan, 1989).

Akka yaada kana irraa hubatamutti dandeettiiwwan afaanii walsimachuun yookaan walqabachuun qabiyyee barnootaa keessatti dhiyaachuun,barnoonni qabiyyee irratti xiyyeeffate dandeenttiiwwan afaanii bal'inaan walqabatanii sadarkaa kamiyyu irratti gosa barnootaaan adda yoo ta'e iyyu ga'umsaafi qunnamtii kan cimsu ta'uu agarsiisa.

Adeemsi barsiisuu barsiisaa giddu-galeessa moggaasa garaagaraa qaba.Akka Frazel et.al, 1995; Mutassa and wills, (1995) tti adeemsa barsiisaa giddu-galeessa godhate kana adeemsa kallatti, adeemsa aadaa, adeemsa baratamaa jedhamuun waamamaa akka ture ibsa.Kunis garaagarummaa jechaa malee, kan yaada akka hin taane nu hubachiisu. Adeemsi barsiisaa giddu-galeessa godhate kun itti gaafatamummaafi dursa barsiisaaf kenna. Barsiisaan barnoota daree keessatti barsiisu harka caalaa kan kennu ofuma isaan kan raawwatu ta'ee argama (Eggenfi Kauchax, 1996).

Kanaafuu, dareen baruufi barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhateen adeemsifamu olaantummaa barsiisaatiin duraa dubni isaa eegamee kan dhihaatuufi barsiisaa qofaan dareen kan dhunfatameedha. Barsiisaan qabiyyee qindeessuun ibsuun hubannoo barattootaa cimsuuf fakkeenyota adda addaa kennuun ga'ee guddaa taphata. Adeemsi barsiisaa giddugaleessa godhate irra guddaa barsiisaan kan raawwatamuufi dareen barsiisaan dhuunfatamuu isaa ibsa. Kunis kan nu hubachiisu barattoonni walii isaanii walirraa akka baratan gochuurra waan barachuu qaban sana guutummaatti barsiisaan akka barsiisuu kan godhuudha (Frazel et.al, 1995; Mutassa and wills, 1995).

Akkaa Borich, (1984) ibsetti malli barsiisaa giddu-galeeffate barsiisaan adeemsa barnootichaa keessatti dursaaf beekumsa mara akka qabuutti yaadama. Barsiisaan adeemsa barnootaa keessatti gahee guddaa kan taphatuudha jedha. Itti dabaluun Eggenfi Kauchax (1996) yeroo ibsan adeemsa kana keessatti barataan meeshaa duwwaa, barsiisaan kennaa yeroo tahuu barataan immoo dirqamaan fudhatama jedhu. Sababa Kanaan barsiisaan itti hime yaadachuun gaaffilees kan deebisu taha. Yaada kana irraa wanti hubannu adeemsi barsiisaa giddugaleessa godhate fedhii barsiisaan kan adeemsiifamuufi hirmaannaa barattootaa kan hin hammanne ta'uu isaati. adeemsi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate harkii caalaan barataan dalagama waan ta'eef adeemsa isa barsiisaafi qabiyyee barsiisuu barataa giddu-galeessa godhateen faalladha.Adeemsa kanaan baruufi barsiisuu keessatti kan giddu-galeessa ta'an barattoota yemmuu ta'an, barumsichis kan qophaa'u barattoonni mataa isaaniitiin yaalanii /shaakalanii dogoggora isaanii irraa akka barataniidha (Aggarwal, 1996).

Brand (2000) waa’ee adeemsa baruufi barsiisuu baratаa giddugaleessa godhate kan barsiisaa giddugaleessa godhate waliin walbira qabuun haala armaan gadiin ibsa.Adeemsa barsiisuu barsiisaa giddu-galeeffate keessatti waan barattoonni akka baratan barbaadame hundi guutummaan guutuutti karaa barsiisaa darbaaf jedha. Waan kana taheef hirmaannaan barattootaa baay’ee gad bu’aadha.

Adeemsa baratаa giddugaleessa godhate keessatti garuu, hirmaannaan barattootaa guddaa waan ta’eef, akkasumas, si’aayinaan kan hordofan waan taheef, gaheen barsiisaa karaa itti agarsiisuu ta’a. Kanaafuu barattoonni carraa dandeettiiwwan afaanii itti gabbifatan argatu. Adeemsa baratаa giddu-galeessa godhates callisanii dhaggeeffachuurraa beekumsa fagoo akka gonfatan taasisa. Brand (2000) akka ibsetti adeemsi barsiisaa giddugaleessa godhate adeemsa hirmaannaa barattoota malee yaada barsiisaa qofaatiin kan raawwatamuudha jedha.Adeemsabaratаa giddugaleessa godhate garuu, adeemsa barachuu keessatti gaheen baratаa guddaa ta’uu isaatiin fedhiin barataan barumsaaf qabu waan waldorgommii keessatti uumuuf beekumsa gargaraa akka argatan taasisa.

Bonwellfi Elison (2003) akka ibsanitti adeemsi baratаa giddu-galeeffate adeemsa hirmaachiisaa ta’ee barattoonni dhaggeeffattoota ta’uu irra si’aayinaan hirmaattota akka tahan gargaara. Ibsa beektota kanaarraa akka hubannutti, adeemsi baratаa giddugaleessa godhate mala barnootichaa keessatti, barattootaf dursa kan kennuufiidha. Adeemsi baratаa giddugaleessa godhate barattootaaf dursa waan kennuuf, barattoonni guutuummaan guutuutti akka barbaadanitti akka barataniif carraa kenna. Adeemsi barnootichaas, fedhii barattootaa ka’umsa kan godhatedha. Yaada kana ilaalchisee, Reedfi Bergemaann, (1995) yoo ibsan, adeemsa baratаa giddu-galeessa godhate jechuun, baratаa waan hirmaachisuuf carraa barattootaaf kan kennuudha.

- Barsiisonnis ta’e barattootni isaaniif haala mijaata ittiin barsiisan uumuudhaan, Kan guddina barattootaa ittiin saffisiisaniidha. Dhiyaannan kun, barattoota rakkoo qaamaa yookaan sammuu qaban, haala ittiin sammuun bilchaachuu danda'aniifi hirmaannaa bu'a qabeessa taasisuu kan danda'an haala qabannaa dareeti. Yaada kanarraa wanti hubannu adeemsi baruuf barsiisuu baratаa giddugaleessagodhate, adeemsa barnootaa keessatti carraa barattootaaf waan kennuuf, barattoonni feedhiifi kaka'umsaan barnoota isaanii akka hordofaniifi ofitti amanamummaa akka qabaatan gargaara (Reed fi Bergemann, 1995Dabalataanis, Bonwell and Etison,(2003) waa'ee adeemsa baratаa giddu-galeefatee yoo ibsan, hirmaannan barattootaa daree keessattii ga’ee olaanaa akka qabu ibsu.

Barattoonni dubbisuu, barreessuu, mari’achuufi adeemsa rakkoo hiikuu keessatti hirmaattoota adda duree ta'uu qabu.waan kana taheef, adeemsa kana keessatti barattoonni gochaan baratu.Dabalataanis, ICDR (1999) akka jedhanitti: adeemsa baruufi barsiisuu si'ataa gochuufi, yaadooleen armaan gadii ilaalamuu akka qaban ibsameera.

- Barnooticha yaadrimee duraan jiru irratti hundaa’uun qindeessuu qabna. Kunis yaadolee dimshaashawwaa barnootichaa yaada ijoo jalatti ijaaruudha. Kun kan agarsiisu, akka barattoonni yaadawwan ciccitoo kan walqabatiinsa hin qabne,yaadni walii isaanii akka wal hin faallesineefiidha.

- Barattoonni ilaalchawwaniifi karaalee garaagaraa akka hubataniif, galma guddaarra akka gahaniif madda odeeffannoo garaagaraa kennuufi qabna. Barachuun bu’a qabeessaa kan ta’u, barattoonni fayyadamtoota yoo tahan, barnoota isaanii jireenyaa isaanii waliin yoo walqabsiisaniifi si’aa’inaan yoo hordofan qofaadha. Barachuun,
- Barattoonni rakkoo isaanii akka hiikkatan, odeeffannoo naannoo isaani ijirurraa akka fayyadamaniifi ofiisaaniif, maatii isaaniif, akkasumas, hawaasa isaaniif jireenya fooyya'aa akka uuman isaan qopheessa.
- Rakkoolee barattoota fayyadan kaasuu qabna.Fedhii barattootaa irratti hundaa'uuniifi beekumsa isaan duraan qaban ka'umsa godhachuun,barnootaaf akka kaka'an gochuu, gaaffiilee barbaachisoo tahan dhiheessuufii, yaadaafi hubannoo qaban barsiisaa akka gaafatan isaan kakaasa.Barattoonni waan barataniifi waan hojjetaniifi milkaa'ina gonfachuu akka danda'anitti akka ibsaniif jajjabeessa.Kanaafuu,adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoonni miseensoota dursaati yaada jedhurratti kan bu'uureeffatuudha.Kana malees,barumsichi kan qophaa'u akkuma Fedhii, sadarkaafi ga' umsa akkasumas dandeetti barattoota waliin akka deemu taasifameeti.
- Barumsichi barataa giddu galeessa yoo godhate garaagarummaa barattoota gidduu jiraachuu danda'u beekuuf nu gargaara. Kannafuu malli baruu barsiiuu barataa giddugaleessa godhate amaloota armaan gadii qabaachuu qaba:
- Barumsichikanfilatamubarataafibarsiisaagiddu-galeeffachuu lamaanuu walgargaaruudhaan kan adeemsifamudha. Ittidabaluunis hamma.barataan huubatetu xiyyeeffatama malee baay'ina qabiyyee baratamee miti. Akkasumas haala fedhii, eenyummaafi dandeettii barattootaatiin kan qindaa'udhan (ICDR l999).

## 2.2.Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Giddugaleessa Godhate Keessatti Gahee Barsiisaa

Adeemsa barataa giddu-galeeffate keessatti gahee barsiisonni qaban Combs fl Whisler (1997) yoo ibsan, barsiisonni qabiyyee barnootichaa kan beekan, barattoota hunda waliin gareen kan hojjetaniifi akka guddiftoota isaaniitti (abbaa yookin haadhatti) itti gaafatamummaan kan itti dhagahamudha.Akkasumas, barsiisonnis hojii isaanif barattoota isaanii kan kabajan ta'uun, fedhii barattoota guutuufin guddina beekumsa barattootaarratti hirmaattota kan tahanidha. Kana malees, adeemsa baruu-barsiisuu kana keessatti, barsiisonni ofitti amantaa kan qabaniifi dungoo beekumsa kanibsan,barattoota isaaniif barachuuf haala miijataakan Uuman adeemsabarnootichaa dandeettii barattootaa waliin kan walsimsiisan, yaadrimeewwan garagaraakan walitti fidaniidha (Combs fi Whisler, 1997).

Adeemsa garaagaraa fayyadamuun kan barsiisan, hordoffii gaarii tahe daree keessatti kangodhaniifi dadhabina isaanii kan fudhatanidha.Adeemsa barataa giddugaleessaa godhate mala gochaaleen daree keessatti raawwataman baay'inaan barattootaan kan raawwatamudha. Adeemsa kana keessattis,gochaawwan barsiisaan raawwatu, barattoota jajjabeessuu, Mari’achiisuufi kakaasuudha (Combs fi Whisler, 1997). Adeemsa hojii isaanii keessattis, barsiisaan rakkoolee isaan qunnamaniif kallattii furmaata itti argatan agarsiisuun, garee keessatti hirmaachuun mari'achiisa. Yaada kana cimsuu wasyihun, (2006) akkasitti ibsa: barnoota afaanii barattoota irratti xiyyeefffachuun qindeessuun, waliigaltee uumsisuun, fedhii barattootaa hubachuufi baay'ina madda odeeffannoo isaan barbaachisu hojiirra oolchuuf isaan gargaara. Kana malees, barattoonni maalbarbaadu? Maalis godhu? Dandeettiin isaanii hangam? Gaaffiwwan jedhan deebisu.Barattoota dandeettii isaanii adda baasuuf,ramaduuf 'madda odeeffannoo isaanii karaa sirrii taheenfayyadamu ufi cimsuufi, adeemsa barnoota barattootaa hordofuuf, akkasumas hirmaannaa isaanii cimsuun barnootarrattii ilaalchawwan Faayida-qabeessa tahankennuuf akka isaan dandeessisu gargaaran jechuun barsiisaan adeemsaisa kamtu giddu-galeessummaa akka qabu ibsaniiru (Combs fi Whisler, 1997).Dabalatanis barsiisaan barnooticha karaa qabsiisuufi daree gahumsaan hordofuun irra eegama. Kana milkeessuuf, immoo Reed fi Bergman (1995) qabxiiwwan gadii eeraniiru. Ajaja sirriifi nama hin mormisiifne kenna shaakalaafi bifa isaanii murteessa, adeemsa barumsaa murteessuun barattoonni galma barumsichaa akka beekan godha. Akkasumas, waliin barachuufi karaa rakkoo hiikan gareedhaan tahanii akka fayyadaman kakaasa.

### 2.2.1. Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Giddugaleessa Godhate Keessatti Ga'ee Barataa

Akka Agrawl (l998) ibsetti, barattoonni madda odeeffanno barsiisaan isaanii kennuuf irratti, kitaabolee barnoota ka’umsa godhachuun, si'aa'inaan hojjechuuf odeeffannoo argatan irratti hundaa’uun dubbachuufi barnoota isaanii gadi fageenyaan yaada gabaasa dhiyeessuu yaalii godhu. ICDR (1999) hojiirraa oolmaa adeemsa barataa giddugaleessa godhate keessatti barattoonni odeeffannoo barsisaarraa guutumaan guutuutti hin argatan jedhu. haa ta'u malee,ofii isaaniin jiruu guyyaa guyyaan isaanii wajjin walbira qabuun mari’achuun yaada waliigalaa kaa’uun irratti waliigalu jechuun ibsa. Haala walfakkaatuun Leu (2000) yoo ibsu, mala isaa waliigaltee barataa wajiin yaada waliif hiruun si’aa’inaan hirmaachuun barattoonni hirmaattota akka ta'an gargaara. Adeemsa Barattoonni handhuura barnootichaa itti ta'aniidha. yaada kanarraa wanti hubannu, adeemsi barataa gidduugaleessa godhate, barattoonni barnoota isaanii haala qabatamaa naannoo isaanii wajjiin walqabsiisanii akka barataniif hirmaattotta adda duree tahuun akka beekumsa gonfatan taasisa.Squazzin,fiCraan(1998)yooibsan, malli dhiyaannaa barataa giddugaleessa godhatee,adeemsa hawaasunmaa kan qabuufi xiyyeeffannoon isaa namoota adda addaa walitti fiduufi yaadolee, barsiifataalee, ilaalchawwan namootni kun qaban, akka wal jijjiiran gochuuti.

Eggen fi Kaucha (l998) Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barataa akka handhuuraatti hirmaachisuun xiyyeeffannoo isaa olaana akka ta'e ibsu. Innis, barattoonni adeemsa barachuu keessatti callisanii taa’uun barsiisaarra odeeffannoo fudhaachuu yookaan garagalchuu akka hin qabne kan agarsiisudha. Kun kan ibsu, barattoonni adeemsa baruu barsiisuu keessatti si’aa’inaan akka hirmaataniifi qabiyyce baratan hubannoo duraan qaban walitti fidan gochuudha. Haala kanaanis, barattoonni, hirmaannaa si’ataa tahe kana keessatti beekumsa haaraa horatu (Eggen fi Kaucha l998).

Yaada olii irraa akkuma hubannu, barattootni daree keessatti ofii isaanii of kakaasuun waan baratan qabatamaa naannoo isaanii waliin walqabsiisuun kan baratan yoo ta’u, hubannoo bilchaataafi gadifagoo argachuu danda’u. Itti dabaluunis Plass (1998) akka ibsutti, adeemsa hirmaachisaa tahe, barattootni beekumsa duraan qaban irratti hunda'anii beekumsa haarawaa ta'e ijaaruuf waan fayyaduuf, isa bu'uuraafi faayida- qabeessa ta'edha.Gaheen barsiisaa, barattootaaf haala miijessuu, karaa itti agarsiisuu, gargaaruu, ilaaluufi madaaluudha.Kana jechuun, barsiisaan akka gargaaraa waliin hojjechuudha malee, odeeffannoo kennuun qofa irraa hin eegamu.Garuu

barattoonni gareen,falmiin, waa uumanii hubachuuf akka isaan dandeessisu haala kamiin akka barachuu qaban haala miijessuun barsiisaa irraa eegamuu isaati.

Nunan (1988) Mala barataa gidduugaleessa godhate daree barnootaa keessatti gahee inni qabu: Barattoonni kennuufi fudhachuurratti waliigaltee uummatu, dhaggeeffataa tahuurra, qabiyyee barnootichaa irratti xiqqaatus hordoffii taasisuu danda'u.Barnootichaan guddina isaaniirratti itti gaafatamummaa akka fudhatan godhaa.

Jireenya hawaasummaa keessatti, hirmaannaa akka isaan taasisantu irraa eegama, xinsammuu isaani keessaatti, adeemsi barsiisuu garagara tahuu hubatu.

Barattoonni barnoota isaanii akkamitti barachuu akka qaban, kan isaan gargaaru karaa bilisa taheen dandeettiiwwan isaanii yoo waliin mari'atan caalatti gabbifatu.

Akka Zewude (2005), Dickison (1987) waabeeffachuun ibsetti, mala barataa giddugaleessa godhate barattoonni yoo baratan bu'aa armaan gadii akkaa argatan tarreesseera.

- Dandeetti jireenyaa kan mataa isaanii barbaadu.
- Odeeffannoo waa’ee itti fayyaadama afaanii walitti qabu.
- Hojjettoota cimoo ta’u.
- Ofitti amantaa horatu.
- Adeemsa yaadachuuf isaan fayyadutti gargaaramu.
- Daandeetti xinqooqa isaanii fayyadamu.
- Qabiyyee irraa hubachuu danda’u
- Dubbachuufi barreessuurratti dandeettii adda fayyadamuu danda’u.
- Garaagarummaa wantoota hubatu.
- Akkamitti barachuu akka qabn beeku.

Yaada olii irraa wanti hubatamu, adeemsi barachuu barataa giddugaleessa godhate, barattootaaf dandeettii garaagaraa haala itti goonfachuu danda'an waan isaan qajeelchuuf, ofitti amanamummaan akka horatan isaan kakaasa.

### 2.2.2. Bu’a Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Giddu-galeessa Godhate Keessatti Gahee Barataa

Adeemsibarataa Giddugaleessa Godhate irra caalaagareedhaa akka hojjetaniif carraa waankennuuf ,adeemsa barachuuf gahee guddaa taphata.Bonwellfi Elison (2003) waa'ee kanaayooibsan,adeemsi barataa giddugaleessa godhate barnoota barattootaarratti hirmaannaa cimaa waan qabuuf, mala barachuu keessatti bu'uuradha.

Qorannoowwan baay'een akka ibsanitti,dhiyaannaan barnootaa hirmaachisaa tahe,walittidhufeenya barataafi mana barumsaa, barataafi barataa, bu'aa barumsaa, dandeettii waliigaltee, dandeettii yaaduu, hojii garee, ilaalcha barnootaaf qabaniifi fedhii barachuu guddisa. Kanaafuu, akkuma olitti ibsame mala barnootaa hirrnaachisaa tahe, barattoonni callisanii fudhachuurra, adeemsa barnoota isaanii keessatti hirmaattoota gahee mataa isaanii qabanitti akka jijjiiraman isaan godha.Kun kan ta'uu danda'efis, malli hirmaachisaa ta'e, walitti qabama gochaawwani qofa osoo hin taane, ilaalcha barnoota barsiisaafi barataa bu'a qabeessa godhudha. Kaayyoon adeemsa hirmaachisaa barattootaaf hubannoo yeroo dheeraa akka qabaatan, maaliifi akkamitti akka barachaa jiran akka yaadaniifi itti gaafatamummaan guddaa barnoota isaani irratti akka itti dhagahamu kakaasuudha.Tigist(2008:14).

(Silberman 1996) wabeeffachuun yoo ibsitu, barnoota bu'a-qabeessa ta'e argamsiisuuf, adeemsa barata gicddugaleessa godhateefi gochawwan garaagaraa daree kecssaa barbaachisoodha. Sababii isaas, ICDR (1999 F 66) irratti akka ibsamee jirutti argannoon isaanii barattoonni akas jechuun ibsu: si'ataa yoo taane caalaattii ifa nuuf ta'a. Hirmaataafi si’ataa yoo taane caalaatti yaadanna. Wantoota yaadachuuf barachuurra beekuuf barachuun gaariidha. Barnoonni hirmaachisaan beekumsa yeroo dheeraa argamsiisa.

Akkasumas, barnoonni hirmaachisaan hirmaannaa waan cimsuuf barattoonni dandeetti waa yaaduu isaanii sadarkaa guddaarra akka gahu isaandandeesisa.Gochawwan walitti dhufeenya bu'a qabeessa ta'e akka fidaniif fayyada, malli hirmaachisaa ta'e, akka barattoonni hawaasa, dimookratawaa ta'e keessatti hirmaatan isaan qopheessa.

Yaada olii wajjin walqabsiisuun Chet(1993 F81) akka ibsanitti, mala barachuu bu’a qabeessa ta'e dhugoomsuuf hirmaannaan bu'uura ta'uusaa haala armaan gadiin ibsaniiru.Barachuun waan barannee yaadachuuf waan hunda funaanuu tahuu hin danda'u. Barattoonni xinxaluuqabu.Barachu un kan dhufu, haalota garaagaraa keessatti miirotaan ibsu.Barnoonni hirmaachisaa yeroo tahutti,

barattoonni gaaffilee decbisuuf yeroo hirmaatan, waan haaraa tokko hubatu,rakkoo hiikuuf odeeffannoo argatu yookiin hojjechuuf kallatti argatu. Barataan mariin inni barattoota biro waliin godhu akka hubatuufi haala gaariin akka baratu isa dandeessisa.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, adeemsa barataa giddugaleessa godhate keessatti kanneen oliitti hammataman barattoonni qabatamaan akka barataniif gargaara.Barnoonni akkasitti baratamu immoo, hubannoo waan dabaluuf; salphaatti akka hin daganne isaan gargaara.

### 2.2.3. Akkataa Adeemsi Barataa Giddugaleessa Godhatee ltti Hojiirra Oolu

Adeemsa barataa giddu galeessa godhate keessatti, barnooticha haala si'ataa ta'een kennuuf,rnalleen baay'eetu jiru. Moore, (2001) akka ibsetti, adeemsa barataa giddugaleessa godhate keessatti kan haammatamaniifi barattoota si'ataa kan taasisan, malleen baay, een akka jiraniidha.Haa ta'u malee, kan baratamaniifi yeroo baay'ee kan faayidaarra oolan hanga tokkoni ilaalamu. Isaanis akka armaan gadii ta'u.

**A.Hojii garee**

Adeemsa barataa giddu-galeessa godhate keesssaa tokko hojiirra oolmaa hojii gareeti. Haalli ittin gareen uumamus adeemsa adda addaatu jira.lsaanis cailisanii garee uumuu (arbitrary or random grouping), dandeettiin garee uumuu (ability grouping), dandeettii walmakaan garee uumuu (mixed ability grouping) akkasumas fedhiin garee uumuu (compatibility grouping).

Doff (1988) akka ibsutti, hojii garee keessatti barattooti gareen hojjetu.Barattoota gareedhaan ijaaranii mariisisuun, mala baruu barsiisuu keessaa isa tokkoodha.Adeemsa hojii kana keessatti, barsiisaan barattoota gareewwaan xixxiqaatti ramada. Barattoonni barnoota isaanii gareedhaan akka irra deebi'aniifi ifa kan hin taaneef irratti akka waliin mari'atan godha.

Adeemsichi, akka barsiisaan hojiifi dandeettii barattootaa salphaatti hordofu isa taasisa. Barsiisaan, tokkoo tokkoo gareef gargaaraa isaaniti.Daree keessatti hojii garee akka hojiirra ooluu (Abdurahman l983) ibseera.

Marii tokkoffaa: barsiisaan qabiyyee haaraa erga beeksisee booda barattootni waa'ee barnoota isaan beeksise maal akka beekan hubachuuf barattootni gareen akka mari'atan godha. Asiratti barattootni yaada isaanii barnootichaafi bu'aa barnootichaarraa argamu irratti akka xiyyeeffatan gaafatamu.

Marii lammaffaa: barnoota barsiisaadhaan dhiyaate akkamitti hojiitti jijjiruu akka dandeenyudha. Kunis barattootni wanta baratan akkamitti gareedhaan akka hojiirra oolchan hubachuu akkasumas gargaarsa gochuufiifdha.

**B.Mala pirojektii**

Abdurahaman (1983) akka ibsetti, malli proojektii, barattoonni daree yookiin mana barumsa tokkoo haala naannoo isaanii waliin ta'uun kan ittiin xiinxalaniidha. Malli pirojektii kunis kan adeemsifamu, barsiisaan dura bu'uun, barattoonni immoo hordoftoota ta'uudhaan raawwatu. Itti aansuunis, adeemsa barnootichaa haala kamiin akka qindeessuufi adeemsa kanatti fayyadamanii barsiisuun faayidaa inni kennu ibseera.

Hojii pirojektii kanaaf, barsiisaan jalqaba barattoota daree tokkoo yookaan barartoota mana barumsaa qindeessa.Achii booda, barsiisaan barattoota garee xixiqqootti qooda. Matadureewwan qo'ataman, akka fedhiifi umurii barattootaatti addaan baasee garee sanaaf qooda. Pirojektoonni kennaman, yeroo dheeraaf yookaan gabaabaaf (torban sadii hanga shanii) keessatti hojjetamanii kan xumuraman ta'uu danda'u. Barsiisaan hojiin pirojektichaa akkamitii akka raawwatu kaayyoo galmaan akka ga'u maal gochuu akka qabu karoorfachuu qaba. Kaayyoon pirojektichaa salphaatti Barattootaan kan hubatamu ta'uu qaba. Barattoonni pirojekticharratti hirmaatan hojicha jalqabuun dura karooricha sirriitti beekuu qabu. Pirojektichis barattoonni akka qoratanii waan haaraa argatan kan godhuufi rakkoolee naannoo isaanii akka hiikan kan godhu ta'uu qaba.

Malli piroojektii, jireenya waliin walqabatiinsa kan qabu gocha barachuu yoo ta'u, barattoonni dhuunfaan yookaan gareen ta'anii rakkoolee kan itti qorataniifi furmaata kan itti argataniidha (ICDR, 1999). Hojiin piroojektii, faayidaalee garaagaraa qaba.Jalqaba, barattootni karoorfachuufi gochaan raawwachuu shaakalu.Akkasumas, rakkoolee naannoo isaanii wajjiin walbaru. Adeemsa hojichaa keessattis, meeshaalee hawaasichaaf fayyadan akka oomishaniifi yaadolee fayyadan akka dhiyeessan carraa kennaf.Walumaagalatti, sababa hojii piroojektiitiin sirna barnootaa fi jireenya hawaasaa naannoo barattoota Sanaa wajjiin walitti firoomsuuf carraan gaaritu argama.

**C.Waliin barachuu**

Akka Richards and Rodgers (2001) dhiyaannaa waliin barachuu keessatti, barattootni cimdiifi garee xixxiqoon tahuun waan hojjetaniif barattoonni harka caalu gochaalee waliin hojjetu. Akkasumas, barattootni garee argaman keessatti, itti gaafatamummaan barnootaa isaaniirratti akka qabaataniifi barachuuf kaka'umsa akka godhatan taasisa.Waliin barachuun, bu'aa barataan tokko garee sana keessatti argatuun alatti,barattoota biroo garee sana keessaa jiran akka fayyadu taasisa.Waliin barachuun, yeroo baay'ee garee xixxiqoo barattoota afuriif isaa ol qabaniin raawwatama. Kanaafuu, barattootni garee sana keessatti argaman, walii isaanii hidhata cimaa waan qabaataniif dandeettii barattoota kan gargaaraa ofiis barachuu guddifatu jechuun beektonni ibsaniiru. Adeemsa waliin barachuu keessatti, barattoota gidduutti fedhaan waan beekan walbarsiisuun ni mul'ata. Haala kanaan, barataan tokkoo barnooticha yoo galmaan gahe, barattootni kaanis lafa hiriyyaasaa ga'uuf barnoota isaan galmaan gahu akka carraaqu godha.

**D. Mala Argannoo**

Akka Moore, (2001) ibsetti, malli argannoo barataan gocha rakkoo hiikuurratti hirmaachuun beekumsa yookiin dandeettii isaa karaa ittiin guddifatudha.Barattoonis dandeettii isaanii Fayyadamuun, waantota haaraa ittin barachuu danda’an akka ta’e dubbatu. Malli argannoo, faayidaaleen inni qabu; ICDR, (1999) irratti ibsameera. Isaanis kanneen armaangadiiti;

- Barattoonni kaka'umsa mataa isaaniitiin bilisa ta'anii yaaduun, beekumsa akka gonfataniif carraa kenna.
- Barattoonni karaa itti beekumsa gonfatan akka beekaniif garagaara .kun, hubannoo isaaniitiin odeeffannoo sassaabbachuufi gurmeessuun beekumsa argachuu agarsiisuuf.
- Barnootichi caalaatti fudhatama akka qabaatuf, sammuu barattootaa keessatti akka hafuufi haarawaa akka ta'u gargaara.
- Kaka’umsaafi fedhii dabala.
- Dandeettiin isaanii akka guddatu odeeffannoo kennuun dandeettii rakkoo hiikuu isaanii akka dabalu taasisa.
- Barattootaaf bilisummaa kennaaf .
- Beekumsa isaanii dandeettii isaanii dandeettii uumamaan qaban waliin akka fayyadaman gargaara.

- Waliigalteen walii isaanii gidduu akka jiraatu gargaara.

**E. Mala GaheeTaphachuu**

Wasyihun (2006), Amenu (2005) waabeffachuun yoo ibsu, malli gahee taphachuun barsiisuu gosoota barnoota kaan caalaa barnoota afaaniif tajaajila guddaa akka kennu itti amanama. Malli kun, akka diraamaa qophii dheeraa kan fudhatu|osoo hin taane, wantoota, jireenya namaa ibsanifi kan barumsa dabarsan, qooddattootatti fayyadamuun agarsiisu. Yaada kanatti dabaluun, Dabassuu (1990) yoo ibsu, barattootni adeemsa gahee taphachuun baratan, gaheen hojii yeroo kennamuuf, agarsiisaratti akkuma nama isa hojii dhugaarra jiruu fakkeessanii rnurtoo kennu. Akkasumas, abbaa dhiimmaaf hojii hojjechuu akka danda'an leenjii gahaan adeemsa itti kennamuudha' Ibsa beektotarraa akka hubarrutti, adeemsa gahee taphachuu jechuun, qabiyyee barsiifamuu barbaadame agarsiisaan dhiyeessuun, barattoota bashannansiisaa waan qabatamaa tokko akka argatan kan godhudha.Waan kana ta'eef, barattotni guutumaan guutuutti dhiimmicharratti waan hirmaachisuuf, hubannoo isaanii cimsuun, barnoota baratan akka hin daganne kan godhuudha.

**F.Mala Rakkoo Hiikuu**

Rakkoo jechuun, isa jiruufi isa barbaadamu gidduutti kan argamu yoo ta'u, malli rakkoo hiikuu immoo, rakkoo jiru sana dhabamsiisuuf yaadni furmaataa karaa itti barbaadamudha. Opwis (1994). Haaluma walfakkatuun, Nachmias (1987) malli rakkoo hiikuu, barachuuf kaka'umsa kan namaa kennuuf rakkoo tokkoof furmaata saayinsaawaa ta’e karaa ittiin barbaadnuudha jedhu. Dabalataanis,Wasyihun ffOOel Melese (1988) waabeeffachuun akka ibsetti, malli rakkoo hiikuu, malleen adda addaatti fayyadamuun odeeffannoo funaanuu, xiinxaluu, rakkooleef furmaata barbaaduu irratti kan xiyyeeffatudha. Malli kunis, dhuunfaan ykn gareedhaan raawwatamuu kan danda'udha.Walumaagalatti adeemsa rakkoo hiikuu jechuun, rakkoon erga uumamee booda barattootaaf furmaata kan barbaadu qofa osoo hin taane, waan tokko hojjechuuf yeroo karoorfamu, rakkoo mudachuu danda'u yaaduun, yaadafurmaataa dursanii qopheessuuf adeemsa nufayyaduudha.

**G.Mala dhuunfaan Barachuu**

Eeliyaas, (1997) Knowles, (1975) waabeffachuun yoo ibsu, malli dhuunfaan barachuu, namoota kaka'umsa mataa isaaniitiin adeemsa baruuf barsiisuu keessatti ittigaalatamumrnaa fudhachuun, kan itti baratanidha. Hojiirra kan oolus, barattootni fedhii ofii barachuutiin kaka'umsa barumsaaf yemmuu godhatan, kaayyoo barumsaa yemmuu qabaatan, barsiisota waliin tahuun malleen barsiisuu yemmuu filatanfi hojiirra oolmaa barumsichaa madaaluu yemmuu danda'anidha. Dhunfaan barachuun, barataa tokko adeemsa barumsaa keessatti, ofii isaa akka hojjetu taasisuu yoo ta'u, dhiyeessi isaas: hojii manaan, hojii dareen, shaakalaafi kkf n hojiirra ooluu danda'a. Walumaagalatti barnoonni dhuunfaan hordofamu barattootni bilisa ta'anii ofiin of abboomu, gochaalee barnootaa hojiirra oolchuufi gargaarsa tokko rnalee dhuunfaan barachuu danda'u. Malli dhuunfaan barachuu akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda'amu barattootni barnoota isaanii ofumaan karaa ittiin barataniidha.adeemsi kunis barattootni ofuma isaanii barachuuf carraa kan itti argatan waan ta'eef ofitti amanamummaa yeroo seeraan fayyadamuufi ittigaafatamummaafudhatan ii barachuukanilaallatudha.

### 2.2.4. Wantoota Adeemsa Baruu Barsiisuu Barataa Gidduugaleessa Godhaterratti GufuuTa'an

Akka Farrant (1980),Leu (1998) fiShank (1999) Wantoota adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu galeessa godhaterratti gufuu ta' u jedhamanii yaadaman kaa' aniiru. Yaadoleen kunneenis:

**A.MeeshaaleeMiijatoon Dhabamuu**

Hojiirra oolmaa,adeemsa baruu barsiisuu kanaaf gufuu kan tahan keessaa tokko, meeshaaleen miijatoo dhabamuudha. Farrant (1980) akka ibsetti, kitaabileen barnootaa baay'ina barattotaa waliin watsimuu dhabuun, fakkiiteen, poostaroonni, chaartonni kkf dhabamuun, hojiirra oolmaa adeemsa barataa giddu-galeessa godhate irratti gufuu akka ta'uu danda'u ibseera.

**B.Baay'ina Barataa fi DareenBarnootaaWalsimuu Dhabuu**

Leu (1998) yoo ibsu, barsiisonni daree tokko keessatti barattoota baay'ee kan barsiisan yoo ta’e, kaayyoo barbaadame bira ga'uuf rakkoo uumuu danda'a.Sababiin isaas malleen barsiisuu, kan akka hojii garee, piroojektii, rakkoo hiiktru, gahee taphachuu hojiirra oolchuuf nirakkatu jechuun ibseera. Yaada kanatti dabaluun, Shank (1999) daree lakkoofsi barataa xiqqoon jirutti barsiisuun,

malleen barachuu adda addaa hojiirra oolchuu barattoota hirmaachisuuf, hirmaannaa tokkoon tokkoon barattootaa madaaluuf dandeessisa jechuun kaa'eera.

### C. Ilaalcha Barsiisaa

Akka Tudor (1996) ibseetti barsiisonni, mala baruufi barsiisuu haaraa kana fudhachuu dhiisuu danda'u.Kunis, sababa kitaabni barnootaa mala kana barsiisuuf qophaa'e miijataa ta'uu dhabuu, waa'ee mala baruu barsiisuu kanaa hubannoo dhabuu, walitti dhufeenya gaarii barattoota waliin uumuu dhiisuufi kkf.dha. '

### D.Leenjii Dhabuu Barsiisotaa

Adeemsi barsiisonni itti leenji'aniifi dhiyaannaan barnoota barataa giddugaleessa godhate keessatti raawwatamu yoo walhinsimu ta'e, gocha raawwatamuufi barsiisaa gidduutti waliigalteen dhabama.Kun immoo gochi raawwatamu akka hin miilkoofne taasisuu danda'a (Tudor1996).

### E.Leenjii Dhabuu Barattoota

Akka Tudor (1996) Hojiirra oolmaan adeemsa barataa giddugaleessa godhate adeemsa baruu barsiisuu barataafi barsiisaan kan hirmaachiseedha.Waan kana ta'eefis, barsiisaan akkamitti barsiisuu akka qabu leenjiin akkuma isa barbaachisu, barattootnis, adeemsa Kanaan akkamittii barachuu akka qaban, maalummaa adeemsa baruu barsiisuu, kaayyoo isaa, faayidaa isaafi kkf dursanii beeksisuun adeemsa barataa giddu-galeef'fate fiixaan bahinsa akka godhatu taasisa.

## 2.3.Yaadaddimoota Barachuu

Yaadaddimootni barachuu garaa garaas ni jiru. Yaadiddamootni garaa garaa kunis adeemsa baruu barsiisuu barachuu barataa giddu galeeffate ittiin baratamu ibsa.Yaadiddamootni kunniinis; yaadiddama hawaasummaan barachuu (the social learning theory), yaadiddama dandeettii sammuu (the cognitive skill theory) fi yaadiddama modeelaa barachuu jedhamuun beekamu.

### 2.3.1 Yaadiddama Hawaasummaan Barachuu

Yaadiddama hawaasummaan barachuun walitti dhufeenya taasisuun wal-irraa barachuun kan danda'amudha. Bandura (1977:3-15) tti kan mala dha'amee yoo ibsu. The knowledge, skill, strategies, beliefs, attitudes, and behavior can be learnt through observing others. It emphasizes that learning has a social nature."Yaada kanarraa wanti hubatamu adeemsa barachuu keessatti

beekumsa, ogummaan,tarsiimoon ittiin baratan, amantaa, ilaalchiifi jijjiiramni yaadi-qalbii kan barataman kanneen biroo daawwachuu keessaa akka ta'e nutti agarsiisa.

Adeemsi baratаa giddu galeeffaten baratamu kunniin lamatti qoodamee ilaalama.lsaanis; Gochaa raawwatamu irraa bu'aa argameerraa barachuufi ta'insoota jijjiirama yaad-qalbiifi ta'insoota akka modeelaatti dawwachuufi dhageeffachuun barachuudha.

### 2.3.2. Yaadiddama Dandeettii Sammuu

Yaadiddama dandeettii sammuu yaadiddama heeraman keessa isa tokkodha. Yaadiddama kun kan irratti xiyyee xiyyeeffata. Yaadiddama kanas kan mala dhahees Anderson (1980: 11 -17) dubbisuun hojii sammuu wajjin kan walqabate ta'uusaa ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti jijjiiramni guddina sammuu kan dhufu adeemsa wal irraa hincinne taasisuun akka ta'e hubanna. Dandeettiin waa yaaduu barattootaa dhiibbaa kallattii itti agarsisisuufi gara fuul-duraatti deemsisuun gahumsa gonfachiisee jijjiirama yaad-qalbii barattootaa argamsiisa. Akka Anderson (l 982:213) tti ibsutti, “There are three stages of skill acquisition: the declarative stage, knowledge compiling and the procedural stage” Yaada olii kanarraa wanti hubatamu ogummaan barumsa ittiin argatan sadarkaalee sadii qabaachuu isaa hubanna.isaanis;

inni jalqabaa haala gad-bu'aa keessatti barachuu danda'uudha. Ta’us ogummaa barachuun kun bakkaa fi yeroo kan fudhatuudha. Sababni isaas barataan odeeffannoo sammuutti qabachuun ogummaa kan ittiin gabbifatuudha. Kana keessatti kan ilaalamu akkamitti akka dubbisuudha. Barataan jalqaba qubee adda baasuu sagaleessuufi qubeewwan kanneen immoo jechoota keessa galchuun sammuutti qabata. Sadarkaa mala barachuu isa lammaffaa keessatti dogoggora barreeffama keessaa addaan baasuun samuutti qabachuudha.Kana booda kutaa qaama sammuutti odeeffannoo dabarsuun adeemsa keessa shaakala taasifamuun ogummaa dubbisuu fooyya'eeffataa deema.Mala barachuu kana keessatti barataan barreeffama baay'inaan dubbisa kan dubbisu miti.Jechoota sammuutti qabatamuu danda'an sagaleewwan qoqqoodee dubbisuun sammuutti qabata. Kunis barattoonni dandeettii saffisaan dubbisanii hubachuu jechootaa akka cimsataniif ni gargaara. Inni sadaffaan, barattoonni jechoota adeemsa duraa duubummaa eeganii sadarkaa dubbisuurraa gahuudha.

Sadarkaa kanatti barattoonni shaakala dubbisuu wal irraa hincinne taasisuun ogummaa hubannoon dubbisuu isaanii gabbifataadeemu.Kunis caalaatti ogummaa hubannoon dubbisanii beekumsa jechoota cimsachuu isaaniitiif iddoo olaanaa qaba.

### 2.3.3 Yaadiddama Moodeela Barachuu

Yaadiddama moodeela barachuu kun Alexaander (2003:3-7) jedhamuun ibsame. Akka hayyuu kanaattis moodeelli kun kan barattoonni ogummaa dubbisuu dagaagfachuufi mala barachuu barnoota idilee kan ittiin fooyyeffataniidha. Yaadiddama moodeela barachuu kana keessatti barattoonni hojii hojjetaa dubbisaniifi tarsiimoo irra deddeebi'aniifi yaada barreeffamaa dubbisanii gabaabsuutti gargaaramu. Mala dubbisanii barachuu kana keessatti dhimmoonni dubbisuu wajjiin walqabatan gar-tokkeen isaanii ykn hundi isaanii dubbisuun al-tokkotti itti ulfaataa. Dhimmoonni dubbisaaniif kun kanneen duraan beekan yaadachuu beekumsaafi dubbisanii hubachuu dagaagfachuu ta'a. Barataan kan hubachuu qabu hojiiwwan dubbisuu wajjin walqabataniifi tarsiimoo dubbisa gad-fageenyaati. Isaan kunis; dubbisa dubbisan deebiisanii ibsuufi dubbisicha madaaluudha. Dubbisaan sadarkaa ogummaa gabbiffachuu kanaatti dubbisuun adeemsa bal'aa qabaatu iyyuu, bu'uurri beekumsaafi adeemsi karaa salphaa tarsiimoo gad-fageenyaatti gargaaruun hubannoo dubbisaa cimsuuf murteessaadha.

Qorannoo tokko yaadiddama irratti hundaa'ee adeemsifamuu niqabaata.Yaaxinooota mata-duree qorannoo waliin deemu danda'an wajjiin walsimsiisuun qorannoo geggeessuun saayinsii deemsa qorannooti. Anis yaada adeemsa qorannichaa gabbisuu kanneen danda'an mata duree wajjiin walsimsiisee qindeessee dhiyeesseera. Hojii baruu barsiisuu keessatti hubannaan dubbisuun hojii dandeettii sammuuti.Hubannaan dubbisuu keessatti barattoonni sagaleefi sagalee, birsagaafi birsaga walitti sammuu keessatti jecha ijaarachuun dubbisa sammuu keessatti hiika galumsaa tilmaama. Ogummaawwan kan duraan sammuu keessaJiruufi waraqaarraa dubbisa jiru walitti sammuu keessatti hiika kennaa dubbisa. Kana malees, adeemsi barachuu ogummaa afaanii hawaasummaadha.Hubannaan dubbisuuf barattoonni tarsiimoo itti dubbisan, beekumsa afaanichaafi ogummaa dubbisuu; hiriyoota barsiisaa ykn maatii daawwachuun barachuu danda'u. Kun immoo hawaasummaa ofkeessaa qabaachuu mul'isa. Barattoonni adeemsa barachuu modeelaatiin ogummaa hubannaan dubbisuu kan fooyyessuudha. Kanaafuu, qorannoon kun yaadiddama sadan: yaadiddama dandeettii sammuu yaadiddama hawaasummaafiyaadiddama moodeela barachuu irratti kan hundaa'eedha.

Yaadiddamootni kunniinis hubannaan dubbisuu barattootaa haala barattoonni adeemsa baratаа giddugaleeffate cimsataniifi tooftaa ittiin dubbisanis ifatti karaa kan itti agarsiisuudha.

### 2.4. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Qorannoowwan dhimmoota adeemsa baruu barsiisuu waliin walqabatan irratti gaggeeff'aman keessatti kanneen walitti dhufeenya qaban armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

Qorataan wasyihun (2006), mataduree, "The implementation of student centered of teaching in secondary schools of mene sibu woreda, jedha. Kaayyoon isaa mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate akka hojiirra hin oolleef' rakkoolee quunnaman adda baasuu kan jedhu irratti xiyyeeffata ture. Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, xiinxala hojirra oolmaaa adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate kan jedhudha.Mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhaterratti qorachuudhaan wal haafakkaatu iyyuu malee daangaan isaa garaagara.Haaluma walfakkaatun, Dabalatanis Tigisti Kormee (2008/2016) mata duree sakatta'a hojiirra oolmaa mala baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate mana barumsa sad.2ffaa magaala Gindhiir irratti kan, gaggeessitedha. Mata dureen isheen irratti xiyyeffate sakatta'a mala baruu barsiisu barata giddu galeeffate yemmuu ta'u, kan koo immoo xiinxala adeemsa baruu-barsiisuu barataa giddu-galeeffate hojiirra oolmaa isaa keessatti wantootni akka barsiiaa fibarataan adeemsa kanatti hin gargaaramneefdhiibbaa uuman adda baasuun xiinxaludha. Kanaaf qorannoon kun akka meeshaalee funaansa ragaalee barsiisaaf barataa bilisaan hirmachiseen madda rakkoo adeemsa barataa giddu galeeffate hojiiirra akka hin oolle dhiibbaa uuman irrati xiyyeeffachuun adda baasuu yaada furmaataa kaa'udha. Qorannoon kun kan Aanaa limmuu saqqaa mana barumsaa tokko daree lama irraati xiyyeeffadhee kanan geggeessedha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko yeroo gaggeessan saxaxa isa kamtu ifaafi mataduree qorannoo sanaaf mijataa akka ta'e filachuun murteessadha. Sadarkaan kunis qorataan akka saxaxa qorannoo isaa adeemsa murtaa'aa ta'een gaggeessu isa taasisa.

Yaada kana deeggaruun Leedy fi Ormrord (2013:4-5) yeroo ibsan. Qorannoon geggeeffamu tokko keessatti kallattin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsuu barbaachisa.DHimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti ka'an maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasanii beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara.

Saxaxi qorannoo tokko kallatti qorannichaa kan namatti agarsiisuudha. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Victor (2009 fi 2003) akka ibsetti, "the researcher design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going" akka ibsa barruu kanaatti, malli saxaxa qorannoo tokko qoratichi maal, attamitti, isa kam, eessatti akka qoratuufi yoom akka qoratu kan murteessuudha.

Haaluma Kanaan qorataan kunis adeemsa ibsa akkamtaafi hammamtaa (qualitative and qualitative sescribtive) itti dhimmi ba'uudhaan qorannoo isaa kan gaggeesu yoo ta'u malleen qorannoo ijoof bu'uura ta'an keessaa inni tokko mala akkamtaa yoo ta'u malli kunis odeeffannoo kan rakkoo qoratamu sana gadi fageenyaan dhiyyeessuun argannoof haala mijeessuu irratti xiyyeeffata. malli iddatteessuu immoo iddatteessuu carraa kaayyeffataan ta'a. Sababiin isaas tooftaan kun kaayyoo qorannichaa galmaan naa ga'aa jedhee waan yaadeef. Ragaalee funaanuun qabiyyee adda addaatti qoodamuun mala akkamtaafi hammamtaatiin qaacceeffamuu qabu. Malli hammamtaa ragaa lakkoofsaan safaramu funaanuuf kan gargaaru yammuu ta'u, malli akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hin ibsamne kan jechaan sassaaabamufi ibsamuuf ooludha.

### 3.2 Gosa Qorannichaa

Qorannoo kana geggessuuf kanan filadhe gosa qorannoo ibsaa yommuu ta'u, malli qaaccessaa raga immoo adeemsa akkaamtaafi hammamtaati. Malli hammamtaa ragaa lakkoofsaan safaramu funaanuuf kan gargaaru yammuu ta'u, malli akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hin ibsamne kan jechaan sassaabamuuf kan ooludha.Akka Addunyaan,(2011) jedhutti, malleen qorannoo kanneen

lamaan waliin makuudhaan malli qorannoo geggeeffamu ammoo mala makoo jedhama. Haaluma kanaan qorannoo kun gosa qorannoo makaa ragaan ittiin funaanamuun kan hojiirra ooludha. Gaaffannoon odeeffanoo waa'ee adeemsa baruu-barsiisuu baratаa giddu-galeessa godhate barattoota irraa funaanuudhaaf jecha gaaffii qopheessuun deebii kanan barbaadudha. Karaa biraas, mataduree qorannoo Koo irratti hundaa'uun malleen iddatteessuu carraa jalatti kanneen ramadaman keessaa iddatteessuu kaayyeffataatti gargaaramuun odeffannoo kanan walitti qabadhudha. Kana malees, meeshaalee funaansa ragaalee keessaa bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaatti fayyadamuun qorannoo kana geggeesseera.

### 3.3. Irraawwatama Qorannichaaa

Irraawwatamni qorannichaa barattoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa kutaa kurnaffaa bara 2016 baratanii fi barsiisota Afaan Oromoo kutaa kurnnaffaa barsiisanidha. Isaanis baay' inni isaanii barattootni kutaa kanaa dhibba shaniif soddomaa fibarsiisota sadiidha.

### 3.4. Madda Ragaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa barsiisota afaan Oromoo kutaa kurnnaffaa barsiisanii fibarattoota mana barumsaa kanaa keessa kutaa kurnnaffaa kan baratan maddeen raga isaan ijoodha. Akkasumas qabxiilee barattootaa dookimentii ta'anii barreeffamanii jiran xiinxaluudha.Maddi ragaa kun waan barreeffamee jirurraafi kallattii dhumaan od-himtootarraa ragaa funaanamuudha.

### 3.5. Iddattoofi Iddatteessuu

Malli iddatteessuu adeemsa qorattaan namoota (odef-kennitoota) filachuuti. Kanaaf qorannoo tokko geggeessuu keessatti adeemsa iddatteessuu qoraannoo sanaaf mijatu filachuun qorannoon sun adeemsa gaariin akka geggeeffamuuf gargaara. Kana irraa ka'uun, adeemsa iddatteessuu sadan keessaa qorattaan adeemsa iddatteessuu carraatti gargaaramuun qorannicha kan geggeessudha.

Tooftaa iddatteessuu carraa kana keessatti jamaa jiran keessaa tooftaalee adda addaa itti fayyadamuudhaan oduu himtoota filachuu jechuudha. Jamaan qorannoo kanaa barsiisota Afaan oromoo kutaa kudhanii barsiisanii fi barattoota sagaltamii lama dha. Iddatteessttu carraa keessatti namoonni yookaan oduu kennitoonni kan filaman carraadhaan malee haala jireenyaa ilaalanii miti. Iddattoon carraa kallattii adda addaan filamuu danda'a.

Kunis, tarsiimooleefi carraa buusuudha. Kanarraa ka'uun anis damee idatteessuu carraa kan ta'e tarsiimawaa yookaan kayyeeffataa fayyadamee qorannicha gaggeesseera. Iddattoon tooftaa adda addaa kun, barattoota daree tokko keessa tarreedhaan kursii irra tartiibaan ta'anii baratan keessaa darbanii sadaffaa yookaan shanaffaa fudhachuudhaan odeeffannoo walitti qabachuundha. Akkasumas barattootaa daree tokko keessa jiran hiriirsisuudhaan, lakkoofsa waamsisuudhaan, kanneen lakkoofsa hir'uu waaman yookaan kanneen lakkoofsa guutuu waaman keessaa carraadhaan filachuudhaan akka od-himtootaatti gargaaramuudha. Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan tahan, barsiisotaa Afaan Oromookutaa 10ffaa barsiisaaniifi barattoota kutaa 10ffaa baratan mana barumsa sad 2ffaa Atinaagooti. Manni barumsa kunis, barattoota kutaa 10ffaa daree ja'a qaba. Dhiira 210 fi dhala 320 ida'amni isaanii 530 dha barattoota kana keessaa mala carraa tasaatiin odeef kennitota qoranoo kanaa ta'anii hirmaachuu qabu. Gama biraatiin barsiisonni afaan oromoo barsiisan sadii akkuma jiranitti qorannoo kanaaf odeeffannoo gahaa kan irraa argamudha

**Filannoo Daree Barnootaa**:- Filannoon daree barnootaa mala iddaattessuu carraatiin kan adeemsifamudha. Sababni isaas, hundarra odeffannoo funaanuun yeroofi baasii guddaa waan barbaaduuf qorannoon kun mala carraatiin kan hojiirra ooledha. Qorataan gola lama haala itti aanu kanaan filateera.Qubeen golli kunneen ittiin waamaman "A-F"tti jiran waraqaa irratti barreeffamuun waraqaan erga iccitiin maramee barsiisaan isaan barsiisu tokko kan marame keessaa lama akka fuudhuu gochuu Sana booda golli lama barsisichi fuudhee carraan irra gahe ilaaluun dareen kunniin mala carraa tasaatin filatamuun qorannoon kan irratti geggeeffamedha.

**Filannoo barattoota**:- Qorannoo kana gaggeessuuf, barattoota kutaa 10ffaa mana barumsa sad.2ffaa Atinaagoo hundaarraa odeeffannoo funaanuun waan rakkisuuf mana barumsaan barsiisaa jiru Atinaagoo kan barataan mala Iddatteessuu carraatti gargaaramuun odeffannoo funaanuunn Haala Kanaan barattoonni kunnin Iddaattoof daree D''fi ''F keessaa kan jiran fudhatamaniiru.isaan keessaa immoo haala qabxii isaan kanaan dura galmeessaniin barattoota dhi 13 dha 17 idm 30 suutoo, dhi 18 dha 22 idm 40giddugaleessaa fi dhi 12 dha 10 idm22 qaxalee fudhatamanii ragaan irraa sassabameera.

**Filannoo Barsiisotaa: -** Akka qorannoo kanaaf mijaatutti filannoo barsiisota Afaan Oromoo mala iddaattessuu akkayyoottin gaggeessuuf fudhadheera. Barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa

kanatti barsiisan dhiira sadii fi dhalaa tokko walitti qorataa waliin nama afur waan ta'aniif sadan hafan akkuma jiranitti fudhatamaniiru.

Yaada kana akka Singth (2006) ibsetti, iddatteessuun akkayyoo (purposive sampling) qorataan tokko kaayyoo isaa irratti hunda’ee kan murteessudha jedha.Bifuma walfakkaatuun barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsichaa sadanuu odeeffannoo kennitoota ta'anii fudhatamaniiru.

### 3.6. MeeshaaleeFunaansaRagaalee

Qorannoon akkamtaa dhugaa jiru tokko bira ga'uuf adeemsa funaansa ragaa adda addaatti gargaaramuun nidanda'a. Haaluma kanaan qorataan odeeffannoo gosa garaagaraatti dhimma kan bahudha. Adeemsa galma-gahiinsa qorannoo tokkoo keessatti ragaa funaanuun hedduu murteessaafi barbaachisaadha. Meeshaaleen ragaa funaanuuf gargaaran isaan gurguddoon bargaaffii, af-gaaffii, daawwannaa dha. Kanuma bu'ura godhachuun qorataan bargaaffi,Afgaaffii, daawwii daree fayyadamee jira.

#### 3.6.1. Bargaaffii Barattootaaf

Bargaaffiin meeshaan funaansa ragaa qorataan itti fuunaanatu kessaa barattootaaf kan dhihatudha.Mala qophii bargaaffii ilaalchisee gaaffiilee cufaa yoo ta'an yaadonni keessatti hammatamanis osoo walirraa adda hinbahiin waa'ee adeemsa barataa giddugaleeffaterratti kan xiyyeeffatudha.Dhugummaafi amanamummaa qorannichaa eeguu irratti yeroo ibsan qorataan barattoonni deebii akka walirraa hinwaraabnef qaamaan argamee qabiyyee rakkoo qorannichaa ibsuuf dareetti argamuudhaan ibsuuufii qaba.Bargaaffiin kunis  barattoota daree mala carraa tasaan filatamanii dhihaata.  Haaluma kanaan kutaan barattoonni odeeffannoo kennameef guutuuf filataman hundi isaanii kan afaan itti hiikkataniif ittiin baratan, Afaan Oromoo waan ta'eef gaaffilee dhiyaatan sirritti  dubbisuun raga qulqulluufi sirrii ta’e kennu gaaffiileen barataaf dhihaatan kunis  baay'een waliigala, waliiingalu, hin murteessine, fi tasumaa waliinhingalu kan jedhuun qopha'ee  ragaan argame xiinxalameera.

#### 3.6.2 Af-gaaffii barsiisoota

Meeshaan odeeffannoo ittiin funaanamu kan lammataa afgaaffii barsiisotaati. Sababni, afgaaffiin barsiisotaa dhiyaateef ammoo, xiinxala hojirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleessaa godhatetti dhimma bahaa akka jiran xiinxaluuf waan barbaadamefi dha.Yaada kana

irratti namoonni gaaffii gaafatamaniif barreffamarradubbiidhaan deebisuu waan filataniif akkasumas gaafataanis carraa irra deebi'ee gaafachuuWaan argatuuf meeshaan kun filatamaadha. Kunis yaada barsiisonni kennan ragaalee Bargaaffiin barattoota irraa argaman waliin walbira qabuun ragaa gabbataafi qabatamaa ta'e tokko argachuufi. Afgaaffii irraa argamu odiman waan beeku, waan itti amanu' waan nita'a jcdhee yaadu, waan itti dhaga'amu, waan fedhu, waan amma hojjetu ykn hojjetce darbeefi waan sababa isaa waliin ibsuu danda'u kan nama birootiif ittiin dabarsudha.

### 3.6.3. Daawwannaa Daree

Qorannoo kana keessatti daawwannaanis meeshaa ragaan ittiin funaanamu keessaa isa tokkoodha.mala barataa giddugaleessa godhate keessatti, hojii garee, hojii dhunfaaf ilaaluuf waan fayyaduuf qorataan guca mirkaneef'fannaa daawwannaa qopheeffatee' daawwannaa daree geggeesseera.Haaluma kanaan dawwaannaan odeeffannoo .funaannachuuf namoota (barsiisaafi barataa) akkaataa isaan itti barsiisaniif akkaataa barataan yaada barsiisaa irraa fudhatee hojii irra oolchufi itti fayyadamuu ilaaluun  tooftaan daawwii daree ittiin geggeeffamu keessatti adeemsi baruu barsiiuu barataa giddu-galeeffate xinxaaluuf daree barnootaa yeroo barsiisaan barsiisu kan daawwatamudha' Kanuma bu,uura godhachuun qorataan hojiirra oolmaa  adeemsa baruu-barsiisuu barataa gigddu galessa godhate xinxalaa daree barnootaa laman filatamman daawwatee jira. Malli qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin funaanamu kun biroon kaayyoon isaas qorannoo kana qixa barbaadamuun galmaan ga'uuf hirmachise odeeffannoo dabalataa ittiin argachuufidha. Odeellannoo qabatamaa ta'e argachuuf ammoo' meeshaalee odceffannoon garaagaraatti dhimma ba'uun baay'ee barbaachisaadha.Kun ammoo' odeeffannoo afgaaffiidhaan adeemsa baruu-barsiisuu barataa giddu-galeeffaaten barachuu barattootaa irraa funaanamu caalaatti amanamaa taasisuuf kan gargaarudha.

## 3.7. Qaaccessafi Hiika Ragaalee

Mata duree kana jalatti haala ragaan odeeffaannoo kennitoota irraa itti funaanamu, adeemsa hiikni itti kennamuufi akkaataa itti qaaccefamuun qindaa'ee dhiyaata.Odeeffannoon bargaaffii, afgaaffii, bu'aa daawwiifi daree irraa argamu adeemsa jechaafi lakkoofsatin hojiirra oolan adeemsa barataa giddu-gareessaa godhate kessatti yaadni barataaf barsiisa irraa funaanamuufi daawwiin geggeeffamuun kan qaacceffamudha. Malli ammamtaa oddeeffannoo argame sana lakkoofsaan eeruu yookiin haala ittiin ibsamuu danda'un dhiheessuudha. Kunis, gabateen dhibbeentaadhaan

kaa'uun xiinxaluun kan geggeeffamu yommuu ta'u malli akkamtaa immoo odeeffaannoo argame sana jechootaan kan ibsamanidha. Kunis, kanneen jechaan taa’an xiinxaluun adeemsa baratаa giddu-galeeffate irratti meeshaalee raga garaagaraatiin funaanamee akka adeemsa sirri ta’utti waliin walbira qabaa xiinxaluun jechaan kan ibsi itti kennamudha. Qorataan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf mala baruu barsiisuu xiinxaluuf meeshaa funaansa ragaa kanneen armaan olitti caqasaman fayyadamuun odeeffannoo sassaabuun qorannoo kana kan adeemsiseera. Ragaan bifaa oliitiin erga funaanamee booda akka walfakkeenya isaanitti ragaan bargaaffii afgaaffii fi daawwii daree irraa argame gurmeeffamuun.Itti fufee duraaduuba raawwii isaanii bifa eegeen mata duree gurgudaaf xixiqqaatti qooduun kaayyolee gooree bu’ura godhachuun akka hiika sirrii laachuu dandaan'tti tarreeffamuun yaada beektotaa waliin deeggaramanii qaacceffamaniiru.

Walumagalatti, qorannoon kun xiinxala hojiirra olmaa adeemsa baruufi barsiisuu baratаa giddu-galeeffate galmaan ga'uuf qorataan afgaaffii, bargaaffii fidawwannaa daree fayyadamuun geggeesseera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE

## 4.1 Odeeffannoo Ragaa Kennitootaa

Ragaan odeeffannoo kennitootaa saalaan, baay'inaafi tajaajila hojii isanii waliin kanaa gaditti barataafi barsiisaa walitti haammachuun dhiyaatanii jiru.Odeeffannoon ragaa kennitootaa barsiisaaf barataa irraa funaaname kaa'amee jira. Saala ilaalchisee, odeef-kennitoonni barsiisonni 2(66.7%) dhiira yeroo ta'an tokko(33.3%) dhalaadha. Sadarkaan barnootaa sadan isaaniiyyuu digiriidha.Barattoonni ammoo 45(48.9%) dhiiraafi 47 (51.1%) dhalaadha.Umurii 25 gadi odeef-kennitoonni barsiisotaa hinjiran. 26-30 gidduu kan jiran baayyinni isaanii 2(67%) yoo ta'u, umurii 3l-35 kan ta'an ammoo 1 (33%) dha. Akkasumas, umurii barattoota l5-17 gidduu kan jiran 58(63%) yeroo ta'an, 18 ol 34(37%) kan jiran agarsiisa.Walumaagalatti, adeemsiifi xiyyeeffannoon qorannichaa boqonnaawwan duraa keessatti qiqindaa'aafi karoorfamaa turan boqonnaa kana keessatti ragaalee odeef-kennitoota irraa argame bu'uura godhachuun xiinxalamanii ibsamaniiru.

## 4.2. Hojiirraa Oolmaa Adeemsa Baruufi Barsiisuu Barataa Giddugaleeffate

Gabatee 1: Bargaaffii hojiirraa Oolmaa Adeemsa Baruufi Barsiisuu Barataa Giddu-galeeffate barattoota irraa sassaabame

| T/L | Gaaffii | | Tasumaa | Darbee darbee | Yeroo hunda | Walii gala | Mean | SD |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Daree keessatti yeroo barattan adeemsa barata giddu-galeeffatetti barsiisan akka barataan fayyadamu nigodhaa | Lakk | 62 | 30 | - | 92 | 2.14 | 1.45 |
| | | % | 67.4 | 32.6 | - | 100 | | |
| 2 | Shaakalli daree keessatti ta'uun hojii garee hojjechisuuf carraa isinii kenna | Lakk | 42 | 50 | - | 92 | 2.83 | 1.386 |
| | | % | 45.65 | 54.34 | - | 100 | | |
| 3 | Shaakala dareen booda barsiisaa irraa duubdeebii ni argattuu. | Lakk | 39 | 49 | 4 | 92 | 2.65 | 1.341 |
| | | % | 42.4 | 53.3 | 4.35 | 100 | | |
| 4 | Barnoota jalqabuun dura barsiisaan jechoota kaka'umsan dhiheessuun barnootni ni eegala | Lakk | 58 | 34 | - | 92 | 2.42 | 1.435 |
| | | % | 63 | 36.95 | - | 100 | | |
| 5 | Adeemsabarataagiddugaleessa godhateen barnoota afaanii barachaa jirtuu? | Eeyye | Lakk | 31 | | | 2.34 | 1.35 |
| | | | % | 33.7 | | | | |
| | | Lakki | Lakk | 61 | | | | |
| | | | % | 66.3 | | | | |

Gabatee 1ffaa armaan olii irraa akkuma hubannu, hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu baratаа giddu-galeeffatetti keessatti gaaffii daree keessatti barsiisaan yeroo barsiisuu adeemsa barataa giddu-galeeffatetti ni fayyadama jedhu irratti deebii odeef-kennitootaa keessaa, 62(67.4%) kan ta'an, adeemsa barataa giddugaleessa godhateen barataan tasa barachaa akka hin jirre kan irraatti waliif galaniidha. Akkasumas, barattoonni 30(32.6) kanneen ta'an ammo darbee darbee daree keessattii barsiisaan yeroo barsiisuu adeemsa barataa giddu-galeeffatetti ni fayyadama jechuun yaada isaanii kennaniru. Itti dabalunis bu'an istaatistiksii SPSS keessaa argames M=2.14 fi SDV =1.45 Kan agarsiisu odeef-kennitoonni yaada gaaffii gaafatamaniif deebisan kanaan akka inni gadi-aanaa ta'e nutti agarsiisa. Akka gabatee armaan olii irraa hubannutti adeemsi baruu barsiisuu mana barumsaa sadarkaa lammaffa Atinaagoo malli barsiisaan fayyadamaa jiru mala olaantummaan barsiisaa harka caalaa itti mul'atu adeemsa barattoota hirmaachisaa taasisuu hin dandeenyee ta'uu isaati. Kanaafuu, hojiirra oolmaa adeemsa barataa giddugaleessa godhate keessumatti barattootaaf ogummaa dubbachuu afaan isaanii kan ittiin guddifatanidha. Sababni isaas barataan dandeettiiwwan afaanii qabutti fayyadamuun adeemsa barachuu keessatti si'aayinaan hirmaachuun dandeettii dhaggeeffachuu dubbachuu, dubbisuufi barreessuu carraa itti guddifatu waan kennuufiidha.

Gabatee dhuma kanarraa gaaffiin lammataa Shaakalli daree keessatti ta'uun barsiisaan isin hojjechisuuf carraa isinii kenna kan jedhu irratti 42(45.6%) tasumaa jechuun yeroo itti waliigalan 50(54.34%) ammoo darbee darbee jechuun yaada isaanii kennaniiru. Dabalatanis, M=2.83 fi Sdv=1.38 yeroo ta'u kunis kan agarsiisu odeef-kennitootni yaadi gaaffii kanaa kan isaan kennan shaakalli daree keessatti ta'uun barsiisaan isin hojjechisuuf carraa akka yaadametti kan isaanii hin kenninedha.Yeroo hundaa kan jedhu irratti namni yaada isaanii kan laatan hin jiran. Shaakalli daree keessaa barataan godhu barataa qofaaf dandeettii dubbachuu isaanii dabalaa osoo hin taane, ilaalcha barnoota barsiisaafi barataa bu'a qabeessa Kan godhuudha.

Kaayyoon mala hirmaachisaa barattootaaf hubannoo yeroo dheeraa akka qabaatan, maaliifi akkamitti akka barachaa jiran akka yaadanii fi itti dabalees gaaffiin sadaffaa Shaakala dareen booda barsiisaa keessan irraa duubdeebii argattu kan jedhu irratti 39(42.4%) kanneen raga laattonni tasumaa jechuun yeroo deebisan harki caalan isaanii 49(53.3%) ammoo darbee darbee jechuun yeroo deebisan 4(4.35%) immoo yeroo hundaa jechuun irratti walii galaniiru. Kanumaan walqabatee bu'aan istaatistiksii SPSS keessaa argames M=2.65fi Sdv=1.34 yeroo ta'u shaakala

dareen booda barsiisaa irraa akka yaadametti duubdeebii akka baratan hin arganne hubanna. Gaafatamummaan guddaa barnoota isaanii irratti akka itti dhagahamu kakaasuudha.

Dabalatanis gaaffiin tarree arfaffaarraa jiru barnoota jalqabuun dura barsiisaan keessan jechoota kaka'umsaan ni eegala kan jedhu irratti 58(63%) tasumaa jecha jedhu yeroo filatan 34(36.95%) isaanii ammoo darbee darbee kan jedhu irratti waliif galaniiru. Akkasumas M=2.42 fi Sdv isaa l.43dha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, barsiisaan barnootni jalqabamuun dura barattootaaf kaka'umsa barbaachisaa ta'e akka yaadametti hin gooneefiidha. Haa ta'uyyuu malee barsiisaan barnoota dura barattootaaf kaka'umsa kan hin goonefi barattootnis hojiilee garaagaraa daree keessattii kennamuufii irratti kaka'umsa kan hin qabne tahuu hubatama.Walumaagalatti gaaffiilee raawwii barsiisaatiin walqabataniin odeeffannoon xiinxalame malli barataa giddugaleessa godhate hojiirra akka ooluuf, gaheen barsiisaarraa eegamu guddaadha. Haa ta'u malee barsiisaan adeemsa kana hojiirra oolchuuf hanga tokko sochii kan gochaa jiru ta'uusaa hubatameera. Walumaa galatti gabatee kanaarraa waanti salphaatti hubachuun dandaa'amu dhibbeentaan harki caalu hojiirra oolmaa adeemsa kanaa waan mormaniifuu malli kun daree barnootaa keessatti barsiisota Afaan Oromoo barsiisaa jiraniin haala barbaadameen hojiirra oolaa akka hinjirre nu hubachiisa. Kunis kan nuhubachisu barsiisonni akka adeemsa barataa giddugaleeffate kanatti gargaaramuudhaan isaan hinbarsiifne ibsanii yaada bargaaffii cufaa irratti morman sana mirkaneessanii jiru.

### 4.3 xiinxala Ragaa Afgaaffii Barsiisotaa Barnoota Afaan Oromoo Barsiisaniif Dhihaate

Af-gaaffiin barsiisaaf dhihates yaaduma kanaan kan-walqabatu kan ibsuudha. Akka gaaffiichatti adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate akka hojiirra hin oolleef gufuu kan ta'an dhabamsiisuun ni danda'amaa? Eeyyee jechuun deebisan sababni isaa yeroo ibsan adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirra akka ooluuf sagantaan barumsa barsiifamuuf kennamuufi qabiyyen kitaaba barnoota halli teessuma barataa akkasumas baay'ina barattoota daree tokko keessa jiran yoo wal sime jechuun deebii kennaniiru.

Akkasumas afgaaffii barsiisotaaf taasifame adeemsa baruu barsiisuu hirmaachisaa ta'e keessatti, adeemsa kana baay'inaan akka hin fayyadamne ibsaniiru Sababni isaas tokkoffaan baay'inni barattoota daree tokko keessa jiranii akka barattoota hunda yeroo gabaabduu keessatti hin hirmaachisne taasisa. Dabalataan dhiphinni daree hojii garee adda addaa kennuuf nama rakkisa.

Kanaaf hojii garee kennuun, keessa deemanii ilaaluuf darichi waan hin miijanneef harka caalaa barattootaan hojjedhaa jechuurra ofumaa hojjechuu filatu. Lammaffaan wayitiin gosa barnoota Afaan Oromoof kenname xiqqaa waan ta'eef adeemsa barsiisaa giddugaleeffateen fayyadamanii qabiyyee jiru fixuu barbaadu.Kanaafi darbee darbee malee adeemsa kanatti hin fayyadaman.

Kana maleesYaadni af-gaaffiif dhihates kanumaan kan wal-qabatu; gaaffiin sadaffan akka addessutti; adeemsa baruuf barsiisuu hirmaachisaa tahe, daree keessattii nifayyadamtaa? Jedhuuf barsiisoonni yaada walfakkaatuun laakkii, jechuun deebisaniiru sababni isaa teessumni daree keessaa haala barataa hirmaachisuu akka hin taane, teessumni bakka bakkatti akka hin socho'onefi yeroon barnootaaf kenname gahaa ta'u dhabuusaa ibsaniiru.Walumaagatutti mala baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirra oolchuuf rakkoolee ijoo ta'an baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barataan barachuuf kennamu irratti kitaabilee gahaa ta'an jiraachuu dhabuu, teessumni daree mijaachuu dhabuufi hanqina yeroo fi barsiisaanis ga'ee isa irraa eegamu akka hinba'anne qorataan hubatee jira.

Adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate yoo kun sirraa'e barsiisaniis waan isarraa eegamu raawwachuun gufuu kana dhabamsiisuu danda'a. Dareen barnootaa baayyinaan otoo ijaaramee barattoonni walitti cinqamanii hin taa'an ture adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleesa godhate hojiirra akka oolu barsiisaafis barataafis leenjiin akka kennamu mootummaan sirriitti itti yaaduu akka qabu ibsaniiru.

### 4.4. Adeemsa Barataa Giddugaleessa godhatetti Rakkoolee Barsiisaa Mudatan

Gabatee 2 Bargaaffii Barattootarra walitti qabame rakkoolee mala barataa giddugaleessa godhatetti gufuu ta'an

| T/L | Gaaffii | | Baay'een waliigala | Waliin Gala | Hin murteessine | Waliin galu | Tasumaa Waliin galu | cuunfaa | Mean | SD |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddu galeessaa godhate keessatti kan hirmaachuf fedhii qabduu | Lak | 31 | 22 | 8 | 20 | 11 | 92 | 2.25 | 1.39 |
| | | % | 33.69 | 23.91 | 8.69 | 21.74 | 11.95 | 100 | | |
| 2 | Baratootni carraa garee keessattiisiniif kenname it ti ni fayyadamtuu | Lak | 51 | 28 | 7 | 4 | 2 | 92 | 2.27 | 1.454 |
| | | % | 55.43 | 30.43 | 7.6 | 4.35 | 2.18 | 100 | | |
| 3 | Gareen barachuuf daree keessan mijatadhaa | Lak | 41 | 25 | 12 | 9 | 5 | 92 | 2.42 | 1.435 |
| | | % | 44.57 | 27.17 | 13.04 | 9.78 | 5.43 | 100 | | |
| 4 | Dogoggoraaf saaxilamna jecha baratan yaadda'un callisuun taa'u jiraa | Lak | 38 | 29 | 13 | 8 | 4 | 92 | 2.15 | 1.36 |
| | | % | 41.3 | 31.52 | 14.13 | 8.7 | 4.35 | 100 | | |
| 5 | Baay'ina barataafi dareen barnootaa walsimuu dhabuu | Lak | 50 | 32 | 6 | 3 | 1 | 92 | 2.77 | 1.30 |
| | | % | 54.35 | 34.78 | 6.52 | 3.26 | 1.09 | 100 | | |
| 6 | Adeemsa baruu-barsiisuu barata giddu-galeffate ilaalchisee leenjii dhabuu barataaf barsiisaa | Lak | 48 | 32 | 4 | 6 | 2 | 92 | 2.71 | 1.30 |
| | | % | 52.17 | 34.78 | 4.35 | 6.52 | 2.17 | 100 | | |

Gaaffii waa'ee adeemsa barataa giddugaleessa godhatetti yeroo barsiisan rakkoolee barsiisaa mudatan gabatee 2ffaa armaan olii irraa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galessa godhate keessatti barataan hirmaachuuf fedhii qabaa kan jedhu ilaalchisee irra caalan isaanii baay'een waliigala 31(33.69%) fi waliin galan 22(23.91%) kan jedhu irratti waliif galan.8(8.69%) isaanii hin

murteessinee yeroo filatan 20(21.74%) isaanii waliingalufi 11(11.95%) tasumaa waliingalu yeroo jedhan, M=2.25fi Sdv=1.39 firii istaatistiksii SPSS irraa argames gadi aanaa ta’usaa hubanna.

Hundaa ol adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galessa godhate mirkaneessuuf barattootni barumsaafi fedhii qabaachuu isaaniti. Akkuma barattoonni barachuuf fedhii qabaatanii dhufan jiran kanneen yeroo dabarsuuf dhufanis jiraachuu isaanii gabatee arman olii irraa nihubanna. As keessatti adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugalessa godhate mirkanessuuf mootummaan barsiisaaf waan barbaachisu guutuun hojii isaaf fedhii akka qabaatu gochuu, barataan bu’aa barnootaatti amanee kaayyoo isaa bakkaan gahuuf, barnoota isaatti cimuu, waajjirri barnootaafi dhaabbiilee barnootaa biroos meeshaalee barnootaa barbaachisoo tahan dhiyeessuufi maatiin barattootaa ijoollee isaanii sirriitti hordofuun gorsuun murtessadha. Qaamonni kun hunduu harka walqabatanii kan socho'an yoo ta'e, adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeeffate akka yaadame ta'uu danda'a. Yaada af-gaaffii barsiisota irraas wanti hubatamuu danda'u mala baruu barsiisuu barataa giddugaleessaa godhate akka inni hojiirra hin oollee wantoota gufuu ta'an dhabamsiisuun. Haalota rakkisoo baay'ee keessa darbuufii yeroo dheeraa haa fudhatuyyuu malee qaamoleen dhimmi kun isaan ilaalatu hundi itti gaafatamuummaafi xiyyeeffannoodhaan yoo hojjetan dhabamsiisuun akka danda'amudha.

Gaaffii lammataa, barataan carraa garee kessatti kennameef itti fayyadamuu dhiisee dhaggeffachuu jedhuun harki caalan isaanii 51(55.43%) baay'een waliigala kan jedhun yeroo filatan, 28(30.43%) isaanii ammo waliingala kan jedhan yaada isaanii eeran.  Kanneen hafa 7(7.6%) isaanii hin murtessine jedhan 4(4.35.%) isaanii waliingaluu 2(2.18 %) tasumaa waliingalu kan.jedhu yeroo filatan, M=2.47fi Sdv=1.45 yeroo agarsiisu kunis firiin SPSS irraa argames gadi aanaa ta'usaa nutti mul'isa .

Adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleeffate keessattimmoo, dhimmi kun hojiirra ooluun barbaachisaa akka ta'e hubanna. Kanaaf yaada kana akka hanqina barsiisaatti fudhanna jechuudha. Haa ta’u malee, barattoonni rakkoo tokko hiikuuf yoo wal gargargaaru tahe walitti dhufeenya gaarii walii isaanii gidduuttii uumuun kaka'umsa barachuu horatu. Yaada kana cimsuun, Richards and Rodgers (2001) adeemsa walgargaarsaan barachuu keessatti, barattootni cimdiifi garee xixiqqoon tahuun waan hojjetaniif, barattoonni harka caaluu gochaalee walgargaarsaan hojjetu jechuun ibsu.

Hanqinni kitaaba Afaan Oromoo waan jiruuf, barattootni gilgaalota adda addaa hojjechuuf ni rakkatu. Kitaaba malee, hojii dhuunfaas ta'e cimdii hojjechisuun waan ulfaatuuf barsiisonni ofurna isaanii barsiisuu akka filatan ibsaniiru. Kanaaf yeroo baay'ee adeemsa barataa gidduugaleeffatetti dhimma akka hin bane ibsaniiru.

Dabalatanis, adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate, hojiirraa akka hin oolle wantoonni gufuu itti ta'an baay'een akka jiran, afgaaffii fi daawwannaa daree irraa hubachuu danda’ameera. Yaadni barsiisonni kennan haala gadiin kaahamee jira. adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirra akka oolu yoo barbaadan, sagantaan barumsa barsiisamuuf kennamuufi qabiyyeen kitaaba barnootaa, akkasumas, baay'ina barattoota daree keessaa yoo wal simeedha.Yoo kun sirraa'e,barsiisaniis waan isarraa eegamurawwachuun gufuu kana dhabamsiisuu danda'a.

Dareen barnootaa baay'inaan otoo ijaaramee, barattoonni walitti cinqamanii hin ta’an ta’e, adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirra akka ooluuf mootummaan sirriitti itti yaaduu akka qabu ibsaniiru. Barsiisonni hanga tokko salphisuun danda’ama jedhan immoo sababni dhiyeessan tokkooffaa fakkeenyaafi, barsiisaan barnoota idileen ala (make up) waamuun, kutaa addaa fayyadamee hanga tokko shaakalsiisuu danda'a. Maaliif yoo jette, kutaan kun hojii garee adda addaaf teessoo miijataa qaba. Barsiisaanis, yeroo gahaa argatee, waan hojjechuu barbaadde hojjeta.

Adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate guutummaa guutuutti fayyadamuun uulfaataa ta'ullee, saayinsii isaa hanga tokko hubachaa yoo deeman gara fuulduraatti ademsa kana tti fayyadamuuf carraa miijataa yoo argatan, hojiirra oolmaan adeemsi baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate isaan hin rakkisu.

Yeroo tokko tokko, marii gareen kennameef dhiisanii gosa barnootaa biroofaa yeroo dubbisan yookiin immoo oduu dhuunfaa isaanii odeessu. Haa ta'u malee, rakkoon akkasii otoo jiruu, adeemsa barataa giddugaleeffateen barsiisuun baay'ee ulfaataa ta'a.

Adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleessaa godhate kana hojiirra oolchuuf immoo, wal simannaan kitaaba barnootaa, qajeelcha barsiisaafi ramaddii wayitii jiraachuu qaba. Kun guutamuu baannaan, haala barbaadameen malicha hojiirraa oolchuun rakkisaa ta'a.

Barattootni baay'een, hojii garee yommuu hojjetan rakkooleen kan isaan quunnaman jiraachuu kan ibsan yommuu ta'u, sababni isaa immoo, barattootni garee ijaarame keessatti hirmaachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu, yaada burqisiisanii hirmaachuuf kan qaana'an ta'uu, kan biraan immoo, bu'aasaa otoo hin hubatiin, akka yeroo gubuutti waan lakkaa'aniif, mata duree mariif kenname dhiisanii oduu kan biraa odeessuu. Akkasumas, hojiin garee yeroo kenamuuf, barattootni muraasni qofa kan hojjetaniifi kanneen biro callisanii kan taahan ta'uu, kun immoo, rakkoolee marii garee, marii cimdiifi k.k.f irratti isaan qunnaman ta'uu ibsaniiru. Itti dabaluunis, barsiisaan hojii garee kan kennu, yeroo barsiisuun isa jibbisiisu yookiin immoo dadhabu ta'uu ibsanii, hojii garee kennes keessa deemee waan hin to'anneef, barattootni hojii dhuunfaa isaanii kan hojjetan tahuu ibsaniiru. Haa ta'u malee, adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate, hojiirra oolmaa isaarratti barsiisaafi barataan gahee isaan qaban fknf hojii garee, mariifi kkf keessatti qaban olaanaadha.

Yaada kana gabbisuun Tudor (1996) yoo ibsu, hojiirra oolmaan adeemsa barataa giddugaleessa godhate barataafi barsiisaan kan raawwatuudha.Waan kana ta'eefis, barsiisaan akkamitti barsiisuu akka qabu leenjiin akkuma isa barbaachisu, barattootnis dhiyannaa kanaan akkamittii barachuu akka qaban, maalummaa hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleeffate, kaayyoo isaa, faayidaa isaafi kkf dursanii beeksisuun fixaan bahinsa akka godhatu taasisa jedha. Walumaagalatti, qabiyyeen kitaabaa, adeemsa barataa giddugaleessaa godhateen barsiisuuf, sirritti qubsaa akka hin taane, barsiisonni harkii caaluu irratti waliigalaniiru. Akkasumas, barattoonni harki caalaan isaanii, hojii garee kennamuuf keessatti hirmaannaan isaanii gadi bu'aa ta'uu isaati.

Walumaagalatti, adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirraa oolchuufi, kanneen gufuu tahaniif yaadoleen furmaataa tarreeffamaniiru.Haa tahu malee, haala qabatama biyyattii waliin walqabsiisnee yoo ilaalle, hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeeffate haala barbaadameen hojiirra oolchuun dadhabamus hanga tokko shaakalsiisuun akka danda'amudha.

**4.5. Wantoota Adeemsa Baruufi Barsiisuu Barataa Giddu-Galeeffatetti Gufuu ta'an Maksuu.**

Gabatee 3: Bargaaffii barattoota mala baruufi barsiisuu barataa giddu-galeeffatetti wantoota dhiibbaa uuman adda baasuuf deebi'e:

| T/L | Gaaffii | | Baay'een waligala | Waliin gala | Hin murteessine | Waliin galu | Tasumaa walii | Cuunfaa | Mean | SD |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Barsiisan qabiyyee barsiisu fakkiindeeggeruun akka barataan onnatu godhera. | Lakk | - | - | 10 | 24 | 58 | 92 | 2.11 | |
| | | % | - | - | 10.86 | 26.08 | 63.04 | 100 | | |
| 2 | Mata duree haaraa ta'e yeroo eegalumammaksa,baachoof,taphan walqabsiisun eegalamera | Lakk | - | - | - | 21 | 71 | 92 | 2.25 | 1.01 |
| | | % | - | - | - | 22.82 | 77.17 | 100 | | |
| 3 | Meeshaaleeqabatamoo ta'anittibarsiisan fayyadamera | Lakk | - | - | 12 | 29 | 51 | 92 | 2.11 | 1.04 |
| | | % | - | - | 13.04 | 31.52 | 55.43 | 100 | | |
| 4 | Barsiisan yeroo boqonnaa haaraa tokko eegaluu wantoota gagabaaboof hawwatoo ta'anitti fayyadamameera | Lakk | - | - | 13 | 34 | 45 | 92 | 2.06 | 1.42 |
| | | % | - | - | 14.13 | 36.95 | 48.91 | 100 | | |

Qorannoon adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddu-galeeffatti wantootni dhiibbaa uuman jedhaman akka barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Atinaagoo jedhanitti gaaffii barsiisaan qabiyyee barsiisu fakkiin deggeruun akka barataan onnatu gochuuf baay'een isaanii 58(63.04%) tasumaa waliingalu, barsiisaan qabiyyee barsiisu fakkiin deggeruun akka barataan onnatu hin goone jechuun yaada isaanii laataniru. Kanneen hafan 24(26.08%) isaanii ammo walii hin galu kan jedhu yeroo ta'u 10(10.86%) immoo hin murteessine kan jedhan yommuuta'u M=2.11 yeroo ta'u 1.01 sdv dha. Kunis kan agarsiisu ragaan istaatistiksii spss's gadi aanaa ta'u isaati.Gaaffiin itti aanu; barsiisan mata duree haaraa ta'e yeroo eegalu mammaksa,

baacoof taphan walqabsiisun eegaleera kan jedhun harki caalan isaanii 71(77.13%) tasumaa waliingalu barsiisan mata duree haaraa ta’e yeroo eegalu mammaaksa, baacoof taphan walqabsiisun hin eegalle jechuun yaada isaanii laataniru. Kanneen hafan 21(22.82%) isaanii ammo waliingaluu eegaleras hin eegalles hin jedhu kan jedhu irratti waliif galaniru. Dabalatanis M=2.25 yeroo ta'u sdv=1.04 kunis akka ragaan sassabametti gadi aanaa ta'u isaati.

Afaan barsiisuu keessatti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa barsiisaanis ta'e baratаan yookiin immoo mana barumsaatiin qophaa'ee otoo jiraatee, qalbii barattootaa gara dhimma baratanitti luuccessuufi, akkasumas, akka salphaatti hubatan taasisuu danda'a. Haata'uyyuu malee, barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa daree keessatti fayyadaman hin jiran.Kun immoo malli barataa giddugaleessa godhate kun, hojiirra oolaa akka hinjirree huubanna.

Gaaffiin meshaalee qabatamoo ta'anitti barsiisaan fayyadameera jedhuuf harki caalaan isaainii 51(55.43%) tasumaa waliingalu kan jedhun yaada isaan laatan kanneen hafan 29(31.52%)walli hingalu yoo jedhan 12(13.04%) isaanii ammo hin murtessinee jechuun deebisan. Kanaan kan walqabatus ragaan istaatistiksii spss M=2.11 fi Sdv= l.11 dha.

Gaaffiin dhumaa, barsiisaan yeroo boqonnaa haaraa tokko eegalu wantoota gaggabaaboofi hawwatoo ta'anitti fayyadameraa jedhuuf 45(48.91%) kan ta'an tasumaa waliingalu yoo jedhan,34(36.95%)isaanii waliingalu kan jedhun deebisan,13(14.13%) hin murteessinejedhaniiru ragaan istaatistiksii spssirra argame M=2.06fi sdv=l .42 yeroo ta'u kun kan agarsiisuu barsiisaan yeroo boqonnaa haaraa tokko eegalu wantoota gaggabaaboofi hawwatoo ta'anitti akka barbaametti hin fayyadamne.

Gaaffii barattootaaf dhiyaate irra waanti hubatamu adeemsa baruufi barsiisuu barata giddugalessa godhateen barachuuf barattoonni baay'een hojii garee yommuu hojjetan rakkooleen isaan quunnaman jiraachuu kan ibsan ta'u, sababni isaa immoo, barattoonni garee ijaarame keessatti hirmaachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu, yaada burqisiisanii hirmaachuuf kan qaana'an ta'uu, kan. biraan immoo, bu'aa otoo hin hubatiin, akka yeroo gubuutti waan lakkaa'aniif, mata duree mariif kenname dhiisanii oduu kan biraa odeessuu. Akkasumas, hojiin garee yeroo kennamuuf, barattootni muraasni qofa kan hojjetaniifi kanneen biro callisanii kan taahan ta'uu, kun immoo, rakkoolee marii garee, marii cimdiifi k.k.f irratti isaan qunnaman ta'uu ibsaniiru. Itti dabaluunis, barsiisaan hojii garee kan kennu, yeroo barsiisuun isa jibbisiisu yookiin immoo dadhabu ta'uu

ibsanii, hojii garee kennes keessa deemee waan hin to'anneef, barattootni hojii dhuunfaa isaanii kan hojjetan tahuu ibsaniiru.

Haa ta,u malee, adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate, hojiirra oolmaa isaarratti barsiisaafi barataan gahee isaan qaban fknf.hojii garee, mariifi kkf keessatti qaban olaannaadha.Yaada kana gabbisuun Tudor (1996) yoo ibsu, hojiirra oolmaan adeemsa barataa giddugaleessa godhate barataafi barsiisaan kan raawwatuudha.Waan kana ta'eefis, barsiisaan. akkamitti barsiisuu akka qabu leenjiin akkuma isa barbaachisu, barattootnis dhiyannaa kanaan akkamittii barachuu akka qaban, maalummaa hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleeffate, kaayyoo isaa, faayidaa isaafi kkf dursanii beeksisuun fiixaan bahinsa akka godhatu taasisa jedha.Walumaagalatti, qabiyyeen kitaabaa, adeemsa barataa giddugaleessaa godhateen barsiisuuf, sirritti qubsaa akka hin taane, barsiisonni harkii caaluu irratti waliigalaniiru. Akkasumas, barattoonni harki caalaan isaanii, hojii garee kennamuuf keessatti hirmaannaan gaannaan isaanii gadi bu'aa ta'uu isaati.

### 4.6 Xiinxala Ragaa Daawwannaa Daree Barnootaa Irraa Argame

Akka daawwannaa daree marsaa tokkoffaa barsiisaa waliin taasifameetti, Mana Barumsaa Atinaagoo Sad 2ffaa kutaa 10ffaa D guyyaa 12-7-2016 Waaree dura wayitii sadaffaa sa’atii 3:20-4:00tti Boqonnaa ja’a mata duree Gahee Manguddootaa jedhu gabatee guraacharratti erga barreessee booda barattootaaf gahee manguddootaa ilaalchisee ibsa kennuu eegale. Haaluma kanaan barattoonni gahee manguddoota hawaasa keessatti qabu akka tarressan gaafachuun barattoota muraasarra yaada fudhachuun isa booda osoo barattoota hedduu irratti hin hirmaachisin gara dubbisa kitaabarraatti darbe. Dubbisichas ofuma isaa dubbisuun xumuree yaada dubbisichaa akka ibsan barattoota erga afeeree booda barataa tokkoqofaarraa yaada fudhachuun gara gilgaala hojjechiisuuttii ce'e kanas barreeffamaan akka deebisan kan gaafatu ture.Yeroo muraasaaf barattootni akka yaalan taasisuun irra caalaan barattoota osoo hinxumurin wayitiin barnootaa ga'uun hojii manaa kennee daree lakkise.

Dareewwan biroo ilaalchisees, qabiyyee barsiisonni lamaanuu yeroo addaa addaatti ittin daawwaatamanis; barsiisan wayita daree seenu mata dureefi kaayyoo barnoota guyyichaa barattootaaf beeksiseeraa jedhu irratti guutuman guututti akka isaan ga'ee isaan irraa eegamu hinbane,huubaanna. Haala barnoonni daree kanaa itti kenname irraa kan hubatamu adeemsi baruuf

barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate hojiirra kan hin oolle ta'uutu hubatama. Kunis barattoota daree keessa jiran hunda kan hin hirmaachisneedha. adeemsi barataa, giddu-galeeffate barattoota gareen akka hojjetaniif kan kakaasuudha. Kana malees barsiisaan kun gochaalee adda addaarratti barattoota hirmachisuuf haala hinmijeessine, adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate hojiirra oolchuuf meeshaalee deeggarsaa hinfayyadamne,barattoonni barnoota kennameef sana fedhiifi xiyyeeffannoon akka hordofaniifi kitaaba Afaan Oromoo qabatanii akka dhufaniif isaan hin kakaasne.

Haa ta'u malee, adeemsa barataa giddu-galeeffate keessatti gahee barsiisonni qaban akka Combs fi Whisler (1997) ibsanitti kan gabataa daawwatame faallessu ta'uu isaa yaadni armaan gadii faallaasaa ta'uu huubanna. Innis: adeemsi barataa giddugaleeffate barsiisonni qabiyyee barnootichaa kan beekan, barattoota gareen kan hojjetaniifi akka guddiftoota isaaniitti (abbaa yookin haadhatti) itti gaafatamummaan kan itti dhagahamudha.

Akkasurnas, barsiisonnis hojii isaanif barattoota isaanii kan kabajan ta'uun, fedhii barattoota guutuufin guddina beekumsa barattootaarratti hirmaattota kan tahaniidha. Kana malees, adeemsa baruu-barsiisuu kana keessatti, barsiisonni ofitti amantaa kan qabaniifi dungoo beekumsa kan ibsan, barattoota isaaniif barachuuf haala miijataa kan uuman, adeemsa barnootichaa dandeettii barattootaa waliin kan walsimsiisan, yaadrimeewwan garaagaraa walitti fidanii akka barsiisan kaa'u. Walumaagalatti, yaada mirkaneessuudhaaf daawwannaa barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan, daree barnoota keessatti barattoonni fedhiifi xiyyeeffannoon akka barataniif, mata duree barnootichaa haa beeksisan iyyuu malee, kaayyoo isaa kan hin ibsine tahuun kan daawwataman jiru. Hanqinaalee garaagaraa irraa kan ka'e, haala barbaachisuun ademsa barataa gidduu-galeesaa godhate hojiirra oolchaa akka hinjirre mirkaaneessee jira.

Kanaaf, adeemsi baruu barsiisuu barataa gidduu-galeessaa godhate hojiirra oolaa akka hinjirree addaan baafamee jira. Yaada kana gabbisu Leu (1998) ibsetti barsiisonni daree tokko keessatti barattoota walitti dhiphisanii kan barsiisan yoo ta'e, kaayyoo barbaadame bira ga'uuf rakkoo uumuu danda'a. Sababiin hayyuun kun kaa'es, malleen barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate kan akka hojii garee, adeemsa piroojektii, adeemsa rakkoo hiikaa, gahee taphachuu hojiirra oolchuuf rakkatu jechuun ibseera.

Yaada kanatti dabaluun, Shank (1999) daree lakkoofsi barataa xiqqoon jirutti barsiisuun, malleen barachuu adda addaa hojiirra oolchuuf barattoota hirmaachisuuf, hirmaannaa tokkoon tokkoon barattootaa madaaluuf dandeessisuu isaa lafa kaaheera. Itti dabales, gaaffiin lammataa Daree biroo kan baratan gochaalee addaa addaa irratti barattoota hirmachisuuf haala mijeesseeraa jedhu irratti tasumaa kan barsiisan gochaalee addaa addaa irratti barattootaf hirmachisuuf haala rnijataa akka hin uumne huubanna. Kanas kan caalattii ifaa taasisu afgaaffii barsiisaafi bargaaffii barataaaf dhihaterraa hanqinni akka jiru. Gaaffileefi yaadota olii meeshaalee deeggersaa waliin walqabate irratti Farrant (1980)yoo ibsu, kitaabileen barnootaa, baay'ina barattootaa waliin walsimuu dhabuun, fakkiileen,poostaroonni, chaartonni kkf dhabamuun, hojiirra oolmaa adeemsa barataa giddugaleessa godhate irratti gufuu ta'uu akka danda'an kaaheera.

Gaaffiin itti aanee jiru barattoonni barnoota kennameef sana fedhiif xiyyeeffannan akka hordofan barsiisan isaan kakaseera jedhu irrattis tasumaa barsiisan barnoota kennameef sana baratan fedhiif xiyyeeffannan akka barataan hordofan hin taasifne. Gaaffii guca mirkaneeffannaa daawwannaa qorataan daree seenuun taasiseen, kitaabni barataa barattoota hundaaf kan walhin geenye ta'uu hubatameera. Kitaabileen gosa barnootaa barattoonni baratanii, lakkofsa barataan walsiman haa jiraatan iyyuu malee, kitaabni Afaan Oromoofi kanneen biro kan lakkoofsa barataa waliin wal hin simnes jiru. Kitaabilee lakkoofsaan xiqqoo ta'anis, hanguma isaan gahee, carraadhaan kan argatan yoo tahu, sababa barattoonni hundi fidanii hin dhufneef, daree keessatti kitaaba barnootaa fayyadamanii adeemsa baruuf barsiisuu adeemsisuuf, rakkisaa ta'uun daawwannaarraa hubatameera. Yaada kanarraa wanti hubannuu, sababa hanqina kitaaba barataatiin, barattoonni baay'een hojii manaa, hojii daree, hojii cimdiifi hojii garee, akkasumas, haala qabatama naannoo isaani irratti hundaa'anii gilgaalota kitaabarraa hojjechuuf rakkisaa akka taheedha.

Gaaffii shanaffaan adeemsa baruuf barsiisuu hunda hirmachisu barsiisaan fayyadameera jedhu irratti akka barsiisan adeemsa baruuf barsiisuu hunda hirmachisu hin fayyadamne hubanna. Haata'u malee, barsiisaan adeemsa garaagaraa fayyadamuun kan barsiisan,.hordoffii gaarii tahe daree keessatti kan godhaniifi dadhabina isaanii akka fudhatanidha (Combs fi Whisler, l997). Adeemsi barataa giddugaleessaa godhate adeemsa gochaaleen daree keessatti raawwataman baay'inaan barattootan raawwatamudha. Adeemsa kana keessattis, gochawwan barsiisaan raawwatu, barattoota jajjabeessuu, Mari'achiisuufi kakaasuudha.

Haata'u malee, akka dawwannaa firiin daree irraa argametti barsiisan barattoota hundaa hirmaachisuuf akka ga'ee isaa hin bane huubanna. Bu'aan daawwii daree irraa argamerratti barattoota daree keessatti walqixa hirmaachisuu barsiisaan hordofeeraa jedhuu irrattis marti isaan iyyuu daree keessatti walqixa barattoota akka hin hirmaachifne huubanna. Kanas' afgaaffii barsiisaafi bargaaffii barataaf dhihaterraa hanqinni jiru irra deebiin hubatamera. Haata'u malee yaada kana Wasyihun, (2006) qorannoo isaa keessatti argannoo barnoota afaanii barattoota irratti xiyyeeffachuun qindeessuun, waliigaltee uumsisuun, fedhii barattootaa hubachuufi baay'ina madda odeeffannoo isaan barbaachisu hojiirra oolchuuf akka barsiisaaf bu'aa gaarii ta'ettii ka'a.

Barattoota daree keessatti walqixa hirmaachisuun dandeettii isaanii adda baasuuf, ramaduuf, rnadda odeeffannoo isaanii karaa sirrii taheen fayyadamuufi cimsuuf, adeemsa barnoota barattootaa hordofuuf, akkasumas hirmaannaa isaanii cimsuun barnootarraatti ilaalchawwan faayida-qabeessa tahan kennuuf akka isaan dandeessisu (Combs fi Whisler,l997) ibsaniiru.

Gaaffii isa dhumaa gabatee oliirraa jiru barsiisaan gaaffilee ofii isaaf deebisurra barattonni akka deebisan carraa kenneera jedhu irraa yeroo ilaallu akka hundi isaanii iyyuu gaaffilee ofii isaanif deebisanirra barattonni akka deebisan carraa akka hin laanne hubatameera.Dabalatanis, afgaaffii barsiisotafi barattootaa kanarraa wanti hubatamu; daree barnootaa tokko keessatti barattoota baay'eetu barata yoo ta'e, garee keessatti gochaalee garaagaraa raawwachuuf, barsiisaan garee hundaaf duubdeebii kennuuf, barataan hundi akka hirmaatu carraa kennuufiin rakkisaa ta'a. Akkasumas, daree barnoota afaaniitti adeemsa hirmaachisaa ta'etti fayyadamuufi, barattoonni dandeettii afaanicha dubbachuu, dubbiisuu, dhaggeeffachuufi barreessuu qabaachuu qabu.

Haa ta'u malee, adeemsa barataa giddugaleessa godhate keessatti, hirmaannaa barattootaa haala walqixa taheen adeemsiisuun barnoota karoorfame miilkeessuuf, dandeettiin barataa tokko tokkoon siriitti beekamuu qaba. Haaluma walfakkaatun, af-gaaffiin barsiisotaf dhihaate keessatti gaafii 2$^{ffaa}$ gilgaalonni kitaaba barnootichaa keessatti qophaa'an adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleefateetiin barsiisuuf miijataadhaa? jedhu ilaalchisee barsiisaan lama eeyyee jechuun sababa isaa kitaabni barataa darbe darbee gareen akka waliin mari'atanii deebisaan ni taasiisa jedhan. Barsiisaan tokko garuu lakkii jechuun yoo kitaaba keessatti qophaa'eyyuu yeroon hojjechisuu naaf hin mijaatu jechuun deebii kenne.

Gaaffii 3ffaa ilaalchisee; yeroon barnootichaaf kenname jiru adeemsa barataa giddugaleessa godhate kana hojiiirra oolchuuf gahaadhaa?jedhuuf lakkii,jechuun deebisan sababa isa yeroo ibsan wayitiin kenname jiru torbanitti lama qofa waan ta'eef qabiyyee kitaabichaa keessa jiru xumuruuf yeroon barnootichaaf kenname adeemsa barataa giddugaleessa godhate hojiirra oolchuuf gahaa miti jechuun ibsa kennaniiru.

Walumaagalatti adeemsi barataa giddu-galeessa godhate mala gochaaleen daree keessattii raawwataman baay'inaan barattootaan raawatamuudha. Adeemsa kana keessattis, gochaawwan barsiisaan raawwatu barataa jajjabeessu, mari'achiisuufi kakaasuudha. Haata'u malee, akka daawwannaan daree, af-gaaffii barsiisotaafi bargaaffiin barattotaarra firiin argame ibsutti, barsiisaan barattoota hunda hirmaachisuuf akka gahee isaa hin baane hubanna.Kannaafuu barsiisaan ga'ee isarraa eegamu ba'uu kan qabu ta'ee hojiiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu galeeffate dhugoomsuuf ta'a.

Bu'aan daawwii daree ilaalchisee waa'ee ga'ee barataafi haala daree barnootaa hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu galeeffate keessatti yeroo addeessu; daawwiin marsaa lammaffaan barsiisaa waliin taasifame bitootessa 26-7-2016 waaree dura wayitii lammaffaa sa'atii (2:40-3:20)tti ture.Sagantaan daree kannaaf kenname torbanitti lama qofaa waan ta'eef, barsiisichii kaayyoo mata-duree guyyaa sana baratamu ibsuutti darbe kunis Boqonnaa 7 Mata duree "Asoosamadheeraa" kan jedhu ture. Asoosama dheeraa jechuun maal akka ta'e gabateerratti barreessuun ibsa kennee booda, gilgaala kitaaba barataa fuula 71 irratti argamu barattoonni akka dhuunfan deebisan taasise gilgaala itti aanu fuula 76 irraa hojii manaa kenne wayitii xumurame.Barsiisaan wayita daree seenu mata duree fi kaayyoo barnoota guyyichaa barattotaaf beeksiseera jedhu irratti hanga isaa irraa eegamu hin bane. Gochaalee addaa addaa irratti barattoota hirmachisuuf haala mijeesseeraa jedhu irratti hin mijeessine. adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galessa godhate hojiirra oolchuuf meeshalee deggersaa hin fayyadamne, Barattoonni barnoota kennameef sana fedhiif xiyyeeffannan akka hordofaniif kitaaba Afaan oromoo qabatanii akka dhufan isaan hin kakaasnee, Barsiisan gaaffilee ofii isaaf deebisuuraa barattonni akka deebisan carraa hin kenniine. Haala barnoonni daree kanaa itti kenname irraa kan hubatamu adeemsa barattoota hirmaachise ta'u irra barsiisaan hojii daree keessa ofuman kan raawatufi barataan dhuunfaan hojii daree kandalageedha.

Gaaffiin ittin dareen daawwatame isa jalqabaan walqabatee; barattoonni gareen ni mari'atuu jedhu irratti barsiisota lamaanii fi barattoota daawwataman irratti barattoonni gareen akka isaan hin mari'atne guutummaan guututti gabatee olii irraa hubanna.

Itti aansuun gaaffii daawwii dareef dhihaate tarree lammaatan walqabatu ilaalchisee hojii daree keessatti kennameef tokkon tokkoo barataa kaka'umsa qabuu jedhun akka isaan hojii daree keessatti kennameef tokkoon tokkoo barataa tasumaa akka isaan hin kakaasne huubanna. Yaada olii cimsuuf Doff (1988) akka ibsutti, Barattoota gareedhaan ijaaranii mariisisun, adeemsa baruu barsiisuu keessaa isa tokkoodha jedhu. Adeemsa hojii kana keessatti, barsiisaan barattoota gareewwaan xixxiqaatti ramaduun hojiin garee kan milkaa'insa akka qabu huubanna. Kanaafuu barattoonni barnoota isaanii gareedhaan akka irra deebi'anii hubatanifi ifa kan hin taaneef irratti akka waliin mari'atan godha. Adeemsichi akka barsiisaan hojiifi dandeettii barattootaa salphaatti hordofu isa taasisa. Gaaffii garee uumame keessatti tokkoon tokkoo barataa ga'ee qabaa jedhuun gabateen olii barattootaf barsiisota lamaan yeroo addaa addaa ilaalaman tasumaa akka garee uumame keessatti tokkoo tokkoo barataaf ga'een hinlaatamne addeessa. Haata'u malee, malli barataa gidduugaleessa godhate daree barnootaa keessatti gahee inni qabu: Barattoonni Kennuufi fudhachuurratti waliigaltee akka uummatan taasisa, dhaggeeffataa tahuurra, qabiyyee barnootichaa irratti xiqqaatus hordoffii taasisuu danda'anif karaa bana. Barnootichaan guddina isaani irratti itti gaafatamummaa akka fudhatan godha. Jireenya huwaasummaa isaani keessatti hirmaannaa isaanirraa eegamutu, xinsammuu isaanii keessatti adeemsi barsiisuu gara fuula duraa akka hubatan gargaara. Barattoonni barnoota isaanii akkamitti barachuu akka qaban, kan isaan gargaaru karaa bilisa taheen dandeettiiwwan isaanii yoo waliin mari'atan caalatti gabbifatu. Haala daree barnootaan walqabatee adeemsa baruu barsiisuu kamiyyuu keessatti xiyyeeffannoon itti kennamuu kan qabu keessaa tokko, haala daree barnootaati. Haala daree barnootaa yemmuu jedhamu, miijatummaa daree, teessoo, ifa daree, qilleensa gahaafi kkf qabaachuu ilaalata.Qorataan, daawwannaa daree seenuun taasiseen, waan arge bifa akkamtaa armaan gaditti kaa'ameera. Guca mirkaneeffannaa daawwannaa daree gaaffii barattoonni daree kessa jiran teessuma ga'aa qabuu jedhuun walqabatee akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.Dareewwaan qorataan daawwannaa irratti taasise hundi daree teessuma ga'a akka hinqabne adda baafanna.Akkasumas, teessoon isaanii dalgee kan barataan sadii akka irra taa'uuf hojietame ta'ee sababa baay'ina barattootaan teessoon dalgee kun barattootni sadii akka irra taa'aniif kan dirqama itti ta'edha. Kunis, yeroo hojii gareefi

marii adda addaa barattoonni akka hojjetan barsiisaan ajaju, bakka tokkoorraa bakka biraatti akka fedhanitti socho'anii hojjeechuuf, kan isaan rakkisuudha.

Teessoowwan kunis, kan irratti barreessuuf tajaajilan minjaala (table) waliin waan walqabataniif, caalaatti sochii asiif achiif danqaa ta'u. Kun kan nutti agrsiisu, teessoowwan jiran bifa geengoo uumuun garee hojjechuuf kan miijatan miti. Tarreeffamanii teessoowwaniis, fuulduraa gara duubatti, bakkaa afuriin tartiibaan kan hiriiranidha. Barsiisaan, hojii garees ta'e cimdii kennee, akka mari'atan ajajus, marii tokkoon tokkoon garee keessa deemee ilaaluuf ykn to'achuuf teessoowwan gidduu bakkii daddarbuuf miijataan hin jiru. Kun immoo, mirkaa'ina baruuf barsiisuu barataa giddugareeffate haala barbaadameen hojiirra akka hin oolleef gufuu,ta'eera. Yaada kana ilaalchisee, Farrant (1980) akka ibsitetti, hojiirra oolmaa mala barataa giddugaleessa godhate keessatti, barattootni akka barbaadanitti ofirra naanna'aa kan irraa taa'anii fi hojii cimdiis ta'e hojii garee keessatti gara miijateefitti akka socho'aniif teessoowwan bakkaa bakkatti socho'an jiraachuu qabu. Kun jiraachuu baannan, adeemsi, baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhatetti gufuu ta'uu danda'a. Gaaffii daawwannaa oliin walqabatee, dareewwan barnootaa haala qabatamaa barattoota amma jiraniin walbira qabamanii yemmuu ilaalaman, rakkoo guddaatu mul'ata. Sababiin isaa, baay'inni barattootaa yeroo yerootti kan dabalu waan ta'eef, dareewwan jiran keessa barattoota baay'eetu mul'ata. Baay'ina isaani irraa kan ka'e, barattootni daree keessatti waldhiphisanii taa'u. Yaadni af-gaaffiif dhihates kanumaan kan wal-qabatu; gaaffiin sadaffan akka addessutti; adeemsa baruuf barsiisuu hirmaachisaa tahe, daree keessattii nifayyadamtaa? Jedhuuf barsiisoonni yaada walfakkaatuun laakkii, jechuun deebisaniiru sababni isaa teessumni daree keessaa haala barataa hirmaachisuu akka hin taane, teessumni bakka bakkatti akka hin socho'onefi yeroon barnootaaf kenname gahaa ta'u dhabuusaa ibsaniiru.Walumaagatutti mala baruufi barsiisuu barataa giddugaleessa godhate hojiirra oolchuuf rakkoolee ijoo ta'an baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barataan barachuuf kennamu irratti kitaabilee gahaa ta'an jiraachuu dhabuu, teessumni daree mijaachuu dhabuufi hanqina yeroo fi barsiisaanis ga'ee isa irraa eegamu akka hinba'anne qorataan hubatee jira.

Barnoota barattan fedhiifi xiyyeeffannaan akka hordoftaniif maaltu isin irraa eegama? Kan jedhuuf yeroo barsiisaan barsiisu sirriitti dhaggeeffachuu, dareetti argamu, gaaffii gaafachuufi deebisuu, hojii gareefi hojii manee hojjechuu jedhuun deebisaniiru.

Gareen barachuuf maaltu isin danqa? Barsiisaas gareen akka isin hin barsiifne maaltu danqa jettanii yaaddu? Barataas ta'e barsiisaa kan danqu barataan yeroo baay'ee yeroo isaa taphaafi waliin odeessuu irratti yeroo gubuudha jedhaniiru. Kanaafuu, bal'inni daree barnootaafi baay'inni barattootaa kan walsimu miti. Kun immoo, barattoonni barnoota isaanii seeraan akka hin hordofne dhiibbaa irraan gaha. Fakkeenyaaf teessoo nama sadii akka qabatuuf hojjetameerratti afur ta'anii yemmuu taa'an, barataan arfaffaarra jiru yaadannoo adda addaa barsiisaan kennamu kan barreessu dabtara jilba isaarra kaahuun. Kun immoo, hubannoo barataa barumsarraa salphaatti miidhuu danda’a. Malli barataa giddugaleessa godhate irra caalaa gareedhaan akka hojjetaniif carraa waan kennuuf adeemsa  barachuu barataaf gahee guddaa taphata. Haalota kanarratti hundaa'uun, qorataan, haalli teessuma daree keessaa miijataa ta'e kan hin jirree ta'uu hubateera. Kun immoo, barsiisaarrattis ta'e, barataarratti dhiibbaa waan qabuuf, barnoota isaanii adeemsa hirmaachisaa ta’etti fayyadamuun akka hin barsiisneefi hin baranne gufuu itti ta'uu danda'a.

# BOQONNAA SHAN:GUDUNFAA, ARGANNOO FI YEROO

## 5.1. Gudunfaa

Qorannoo kun mana barumsa Atinaagoo sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa keessatti gosa barnoota Afaan oromootiin adeema baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhateen barsiisuun akkamittii hojiirra akka oolaa jiru xiinxaluu yeroo ta'u, adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddu-galeessa godhatetti barattoonni akkamitti akka baratan adda baasuu, hojiirra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate gufachiisan maal,maal akka ta’an beekuun wantoota adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu-galeeffatetti kana gufachiisaniif fala kaa’uu Akkasumas gaaffileen bu'uraaf deebii kenuudha.

Adeemsa baruu barsiisuu barataa-giddugaleeffate harki caalaan barataan kan dalagamu waan ta’eef mala isa barsiisaafi qabiyyee barsiisuu barataa giddu-galeessa godhateen faallaadha. Mala kanaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kan giddu-galeessa ta'an barattoota yemmuu ta'an, barumsichis kan qophaa'u barattoonni mataa isaaniitiin yaalanii /shaakalanii dogoggora isaanii irraa akka baratan kan ibsudha. Haata'u malee adeemsa barachuu barataa giddu-galeeffate keessatti waan barattonni akka baratan barbaadame irra guddaa karaa barsiisaa kan darbuudha.Waan kana taheef hirmaannaan barattootaa baay'ee gadaanaadha.

Adeemasa barataa giddugaleessa godhate keessatti garuu, hirmaannaan barattootaa guddaa waan ta'eef, akkasumas, si'aayinaan kan hordofan waan taheef, gaheen barsiisaa karaa itti agarsiisuu ta’a. Kanaafuu barattoonni carraa dandeettiiwwan afaanii itti gabbifatan argatu. Adeemsi barataa giddu-galeessa godhates callisanii dhaggeeffachuurraa beekumsa gadii fagoo akka gonfatan taasisa. Barattoota gidduutti waldorgommiin gaarii akka umamuufi barumsaaf kaka’umsa akka qabaatan taasisuun barumsa barachaa jiraniif itti gaafatamummaan akka keessatti hirmaatan isaan taasiisa. Ragaan daawwii daree irraa argame akka ibsutti, hojirra oolmaa adeemsa barataa giddu-galeefate keessatti barsiisaan ga'ee isaa akka hin baane adda baafanna.

**5.2. Argannoo**

Adeemsa baruu barsiisuu baratаа-giddugaleeffate harki caalaan baratаaan kan dalagamu waan ta’eef adeemsa isa barsiisaafi qabiyyee barsiisuu baratаа giddu-galeessa godhateen faallaadha. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kan giddu-galeessa ta'an barattoota yemmuu ta’an barumsichis kan qophaa'u barattoonni mataa isaaniitiin yaalanii /shaakalanii dogoggora isaanii irraa akka baratan kan ibsudha. Haata'u malee, adeemsa barachuu baratаа giddu-galeeffate keessatti waan barattonni akka baratan barbaadame hundi guutummaan guutuutti karaa barsiisaa darba. Waan kana taheef hirmaannaan barattootaa baay’ee gad bu'aadha. Adeemsa baratаа giddugaleessa godhate keessatti garuu hirmaannaan barattootaa guddaa waan ta'eef, akkasumas, si'aayinaan kan hordofan waan taheef, gaheen barsiisaa karaa itti agarsiisuu ta'a. Kanaafuu barattoonni carraa dandeettiiwwan afaanii itti gabbifatan argatu. Adeemsi baratаа giddu-galeessa godhates callisanii dhaggeeffachuurraa beekumsa gadi fagoo akka gonfata taasisa. Barattoota gidduutti waldorgommii n gaarii akka umamuufi barattoonni barumsaaf kaka'umsa akka qabaatan taasisuun barumsa barachaa jiraniif itti gaafatamummaan akka keessatti hirmaatan isaan taasiisa.

Akka yaada odef kennitootni barattootaafi barsiisaa irraa waanti hubatamu adeemsa baruufi barsiisuu barata giddugalessa godhateen barachuuf barattoonni baay'een hojii garee yommuu hojjetan rakkooleen isaan quunnaman jiraachuu kan ibsan ta'u. Sababni isaa immoo, barattoonni garee ijaarame keessatti hirmaachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu, yaada burqisiisanii hirmaachuuf kan qaana'an ta'uu, kan biraan immoo, bu'aa otoo hin hubatiin, yeroo gubuutti waan lakkaa'aniif, mata duree mariif kenname dhiisanii oduu kan biraa odeessuu. Kanaafuu akka ragaan odef kennitootarra argame ibsutti; barsiisonni mana barumsichaa hojiirra oolmaa adeemsa baratаа giddugaleessa godhate irratti, waan irraa eegamu hin hojjenne.Kana jechuun, barattoota isaaniif mataduree barnootichaa haa beeksisaniyyuu malee, adeemsa baratаа giddu galeessa godhateen hin ibsine. Akkasumas, barattootni barnoota dura kaka'umsa akka qabaatan hin goone. lrraa caalaa malli itti fayyadamanii barsiisaniis, mala barsiisa gidduugaleessa godhatedha.

Mana barumsichatti, wayitii barnoota Afaan oromootti barattootni hojii garee yommuu hojjetan, miseensi garee sanaa hundi hin hirmaatan.Gaaffilee kan gaafatanis ta'e deebisan, barattoota fedhii qabaniifi yaada isaanii bilisaa kan ibsatan qofa. Barsiisotaafi barattoota mana barumsichaaf, leenjiin waa’ee adeemsa baruu barsiisuu baratаа giddugaleessaa godhatee hin kennamneefi.

Odeefannoo qaaccefame irraa wanti argame gaaffiilee bu'uuraa irratti hundaa'uun akka armaan g adiitti argannoon cuunfamec kaa'ameera Gaaffileen bu'uura lffaa Adeemsa baruu barsiisuu keessatti Afaan Oromoo kutaa kurnnaffaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhatetti akkamitti fayyadamanii barsiisuu?kan jedhu ragaalee walitti guuraman wanti hubatamee jiru barsiisonni waan isaan irraa eegamu baratoota isaanii akka hin hojjechiifne hubachuun danda'ameera. Barnoota dura, yeroo barnootaafi barnoota boodaa baratootaaf haala adda addaatiin kaka'umsa akka hin goone, yeroo, barnooti kennamu akkaataa adda addaan barataa kan hin hirmaachiifne, meeshaalee deggersa barnootaa qabatee akka hin barsiifne barsiisaan ofuma isaatiin jalqabee ofuma isaatiin kan xumuru ta'uu isaati. Kun immoo adeemsa barachuu barataa giddugalefate utuu hin taane adeemsa barsiisa giddu galeefate ta'uun isa waan agarsiisuuf hanqina gudda qaba.

Barattoonni adeemsa barachuu barataa giddugaleessa godhate kana fayyadamanii yeroo baratan rakooleen isaan mudatan maal fa,i? isa jedhuu akkuma ragaalee sassaabaman irraa hubachuu danda'ametti hojii, irra oolmaa adeemsa baruu barsiisuu barataa giddu galeefate keessatti hanqinni guddaan akka jiru kan agarsiisuudha. Isaanis qabiyyee barnoota Afaan oromoo kutaa 10ffaaf qophaa'eefi wayitiin kennamee kan wal hin gitne, dareen barnootaa hedduun bal'ina kan hin qabne, lakkoofsi barataa dareetti heddumachuu, teessumni barattootaa mijataan dhibuu, foddaafi balballi daree jiru ifa ga'aa fi qilleensa gaariin kan hin galchine ta'uu, barattoota baay'een isaanii Kitaaba qabatanii dareetti kan hin argamne waan ta'eef rakkoolee barachuu barattootaa kan danqaniidha.

Wantootnii adeemsa baruufibarsiisuubarataa giddugaleefatetti gufuu ta'an akkamitti makfamuu qabu?kan jedhuuf adeemsa baruu fi barsiisuu qabatamaa taasisuu, meeshaalee barnootaaf kan barbaachisan guutuun murteessaadha.

Kanaf, qaamni ilaallatu kana hubachuun, meeshaalee barnootaa garaagaraa qopheessuun, barnoota qabatamaa akka taasisan kan jedhu yaadni Furmaata kan dhiyaate ta'us, yaadolee furmaataa olitti dhiyaatan rakkoolee dhiyaataniif furmaatni kennan gahaa waan hin taaneef, wajjirri barnoota, Godinaa, Magaalichaa, manni barumsaa, barsiisonni, barattootni fi dhimmamtootni naannoo hundi wantoota gufuu ta'an maqsuuf cminaan irratt hojjechuui qabu.

## 5.3. Yaboo

Qorattaan qorannoo olitti ibsaman yoo ilaalle barnoota Afaan Oromoo keessatti hojiirra oolmaa adeemsa barataa giddugaleessa godhate hojiirra oolmaa isaa haala gaarii irra akka hinjirre himuun nidanda'ama. Haa ta'uyyuu malee  adeemsi barataa gidduugaleessa godhate kun barnoota afaaniif barbaachisummaan isaa guddaa waan ta'eef, haala amma irra jirurraa fooyya'ee sadarkaa gaarii ta'e tokko akka qabaatudha. Kaanafuu, kanatti aansuun rakkoolee kanaaf furmaata gaarii ta'u jedhamanii kan itti amanaman haala gadiin kaa'amaniiru.

Hojiirra oolmaa adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate keessatti, gaheen guddaan barattootaaf bakka itti kennamudha. Barnoota isaanii keessatti, adda durummaan yeroo hirmaatanis, itti gaafatamummaa fudhatu. Kanaafuu, barsiisaan barattootni waan baratan akka shaakalan,akkasumas,kaka'umsa uumuun adeemsa barataa giddugaleessa godhatettifayyadamuunii fi dandeettiiwan afaanii |arfan karaa itti guddifachuu danda'an, haalli miijahuufii qaba.Hojiin garee bu'aa-qabeessaa ta'u kan danda'u barattootni harcaatii malee haala walfakkataa ta'en huubatanii yoo hirmaataniidha. Barsiisaniis kana hubatee,yeroo hojii garee kennu, tokkoon tokkoon barattootaaf, gahee isaanii kennuuniifii gahee kennameef bahuu isaanii hordofuu qaba.

Meeshaaleen deeggarsa barnootaa, barnootaqabatamaa taasisuufi qalbii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuuf iddoo guddaa waan qabaniif, barsiisaan meeshaalee deeggarsaa kana qopheessuun itti fayyadamuu qaba. Faayidaa adeemsa kanaa hubachuun, manni barumsaa, barsiisaan, barataaniifi maatiin waan irraa eegamu gochuu qabu.

Adeemsa baruufi barsiisuu qabatamaa taasisuuf, meeshaalee barnootaaf barbaachisan guutuun murteessaadha. Kanaaf, qaamni ilaallatu kana hubachuun, meeshaalee barnootaa garaagaraa qopheessuun, barnoota qabatamaa akka taasisan kan jedhu yaadni furmaataa kan dhiyaate ta’us, yaadolee furmaataa olitti dhiyaatan rakkoolee dhiyaataniif furmaatni kennan gahaa waan hin taaneef, wajjirri barnootaa, magaalichaa, manni barumsaafi barsiisonni yaadolee furmaata ta’an, haala qabatama jiru wajjiin fayyadamuu akka qaban amanama.

## Wabiilee

Amenu Oljira (2005) The Implementation of Active Learning approach in the Teachers College of Oromia M.A Thesis (Unpublished).

Aggrawel, J.C.(1996). Principles, Methods and Techniques of Teaching. S.N.Printers.

Addunyaa, Barkeessaa (2011). Akkamtaa: Yaadarimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee mega printing press.

Akram,A.and Malik.A.(2010).Integration ofLanguageLearning Skills in second language Acquisition.International Journal of Arts and sciences.

Best, J.W.and Kahn J.V. (1999). Research in Eduction. 7th edition New Deli: Prentice Hall.

Borich G,D. (1984). Effective Teaching Methods. Macmillan publishing Company.

Brand, H. (2000). Teacher Centered Instruction vs Student Centered Instruction at Armuchee High school.

Brown, D. (2007). Principles of Language Learning and Teaching (Third Edition). Prentical Hall Regents: Englewood cliffs

Bonwell, C. and Elison, A. (2003).Active Learning Creating and Excitement in the Classroom. Rhen: Grips.

Brown, D. (1994). Principles of Language Learning and Teaching (Third Edition). Prentical Hall Regents: Englewood cliffs.

Chet.et.al (1993). Promoting Active Learning Strategies, Collage Classroom.

Dickinson, L. 1987. Self-instruction in Language Learning. Cambridge: Cambridge University Press

Doff (1988). Teaching English: Course For Teachers New York. Cambridge University Press

Eggen, P.D. and D. Kauchax, (1996). Strategies for Teachers Teaching Content and Thinking Skills. Boston. Allyn and Bacon.

Farrant, J.S. (1980). Principles and practice of Education. (New Edition). Longman Group Ltd.

Frazes,R. (1995). Integrated Teaching Methods: Theory, Classroom Application and field Based Connections, Albany: Delmar publishers.

Ellis, R. 1997. The Empirical Evaluation of Language Teaching Materials. ELT Journal 51/1:36-41.

Flick, U. (2002). An Introduction To Qualitative Research, 2nd Edition. New Dehi: Sage Publication Ltd.

Goldstein. (1964). Learning how to ask:A Sociolinguistics Appraisal of the role of the Interview in Social Science Research. Cambridge University Press.

ICDR. (1999). Teachers Education Hand Book. Addis Abeba: Finfinne Printing.

Leu, E. (1998). "Understanding the concept of Curriculum" The Basis of Improvin Quality"BESO, Project Addis Abeba. Ethiopia (unpublished) (2000)." The New Curriculum Issuof Theory and Practice for Teaching Education." Abbiyi Addi College of Teacher Education BESO Project. (Unpulished).

Mutass, N.Gand Wills G.M (1995). Modern Practice in Education and Science. Gabron. New York: Macmillan

MOE. (1999). Tacher Hand Book Research. Addis Ababa: Mega Publishing Enterprice

Moore, K. (2001). Classroom Teaching Skills. New York: Me Graw Hill.

Reed, A.J and Bergemann, V.E. (1995). In The Classroom: An Introducation to Education. (2nd ed) North Carolian, Asheville: DPG Inc.

Nunan, D.(1988). Learner Centered Curriculum. Cambridge Univeristy Press.

Plass, H. (1998)."The Learner Centered Classroom." In Amare Asgedom and Et al. (eds.) Quality of Education in Ethiopia Vision For the 21 stcentury'. Institute of Educational Research. Addis Abeba University (Unpublished)

Richards, J.and Rodgers, C. (2001). Approaches and Methods in Teaching Foreign Language. Cambridge: CUP. School. New York. American Government Schools.

Skank, Cruick. (1999). The Act of Teaching. Boston: Mc Graw Hill Companies, Inc

Silberman, M. (1996). Active Learning: 101 Strategies to Teach any subject. Boston: Allyn Skills. Boston: ALiyn and Bacon.

Solomon Areaya. (2004). Qualilative Research: Beyond anumber Game. Institute of Educational Research Flambeau. Addis Abeba Univeristy (Vol.aa No.2)

Sowell, E.J. (1996). Curriculum: An Integrative Introduction New Jersey: Prentice Hall

Tigist (2008). Sakakka'a hojii irraa oolmaa mala baruu barsiisuu barataa giddu galleessa godhate mana barnootaa magalaa Gindhiir.Yuuniversiitii Finfinnee Waraqaa Qorannoo(MA).

Todor, I. (1996). Learner Centerdness as a Language Education. Cambridge: Cup. Class room.

Wassihun Deressa (2006). The practice of Student- Centered Method of Teaching in Secondary Schools Addis Ababa University: P.15.

V. Kahn and W.Best. (2005). Research In Education. Prence-Hall, Inc.

Zewude Tibebu (2005). In the Implementation of student centered Metheds the Analysis of Student Releted prblems in Jimma zone seto Semaro School." Jmma university (Unpublished).

## Yuuniversiitii Jimmaatti

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi NamummaaMuummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**DABALEE A**

Bargaaffii barattoota kutaa 10ffaa Mana barumsaa Atinaagoof qophaa'e.

Bargaaffiin kun kan qophaa'ee odeeffaannoo qorannoo kanaaf fayyadu sassaabuuf xiinxala hojiirra oolmaa mala baruufi barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Atinaagoo kutaa 10ffaa ta'a. Kanaafuu mirkeessan osoo hin dhoksiin yaada qabdan akka ibsitan kabajaanan isi gaafadha.

Odeeffannookeessaniif galatoomaa!

Gulantaa 1ffaa odeeffannoo dhuunfaa

Saala dhi ☐ dha ☐

Umurii ☐

Kutaa ☐

Gosa Barnootaa ☐

**Gabatee keessatti gaaffiilee fulduraan mallattoo (v) kaa'uun deebii kee ibsi.**

| T/L | Gaaffii waa'ee hojiirra oolmaa adeemsa baruufi barsiisuu barataa giddugaleeffate barnoota irraa sassabame | Tasumaa | Darbee darbee | Yeroo cunfaa hunda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Barataan daree keessatti yeroo baratu adeemsa barataa giddu-galeeffateetti fayyadamadhaa? | | | |
| 2 | Shaakalli daree keessatti ta'uu barnoota hirmaachisuuf carraa ni kennaa? | | | |
| 3 | Shaakala daree booda barsiisaa keessan duubdeebii ni kennaa? | | | |
| 4 | Jireenya keessan guyyaa guyyaan walqabsiisuun barnoota ni barattu. | | | |
| 5 | Barnoota jalqabuun dura barsiisaan keessan jechoota kaka'umsaan ni eegala? | | | |
| 6 | Mala barataa giddugaleessa godhateen barnoota afaanii barachaa jirtuu? | | | |

(1 ) Tasumaa (2) yeroo tokko tokko (3) yeroo hunda

**Gabatee keessatti gaaffiilee fulduraan mallattoo (v) kaa'uun kan itti waliigaltuun deebiisi**

| T/L | Adeemsa baratаa giddugaleessa godhatetti yeroo fayyadaman rakkoolee baratаa mudatan | Baay'een waliigala | Waliingala | Hin murteessine | Waliingala | Tasumaa waliingalu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Adeemsa baruu barsiisuu baratаa giddu-galeessa godhate keessatti barataan hirmaachuuf fedhii dhabuu | | | | | |
| 2 | Barataan carraa garee keessatti kennameef itti fayyadamuu dhiisee dhaggeffachuu | | | | | |
| 3 | Garee barachuuf dareen mijataan dhibuu | | | | | |
| 4 | Dogoggoraaf saaxilamna jecha baratan yaadda'un caliisoo ta'uu | | | | | |
| 5 | Baay'ina baratаafi dareen barnootaa walsimuu dhabuu | | | | | |
| 6 | Mala baruu-barsiisuu baratаa giddu-galeffate ilaalchisee leenjii dhabuu baratаa | | | | | |
| 7 | Mala barsiisuu baratаa giddu-galeffate ilaalchisee leenjii dhabuu barsiisaa | | | | | |
| | **Wantoota mala baruufi barsiisuu baratаa giddu-galeffateetti gufuu ta'an maqsuuf yaadamaa** | | | | | |
| 1 | Barsiisaan qabiyyee barsiisu fakkin deggeruun akka barataan onnatu godheera | | | | | |
| 2 | Mata duree haaraa ta'e yeroo eegalu mammaaksa,baacoofi taphan walqabsiisun eegalamera | | | | | |
| 3 | Meeshaalee qabatamoo ta'anitti barsiisaan fayyadamera | | | | | |
| 4 | Barsiisan yeroo boqonnaa haaraa tokko eegaluu wantoota gabaaboofi hawwatoo ta'anitti fayyadamera | | | | | |

# Yuuniversiitii Jimmaatti

**Kolleejjii Saayinsii Haawaasaa fi Namummaa Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**DABALEE B**

**AFGAAFFII BARSIISOTAA**

Afgaaffii barsiisotaa mana barumsaa Atinaagoo sad ..2ffaa kutaa 10ffaa AfaanOromoo barsiisan

Afgaaffiin kun kan qophaa'ee odeeffannoo qorannoo kanaaf fayyadu sassabuuf xinxala hojiirra oolmaa adeemsa baruu fi barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Atinaagoo kutaa 10ffaa barsiisota barsiisaniif kan qophaa'e ta'a. Kanaafuu miiraa keessan osoo hin dhoksiin yaada qabdan akka ibsitan kabajaanan isin gaafadha.

Odeeffannoo keessaniif galatoomaa!

Gulantaa 2ffaa odeeffannoo dhuunfaa

Saala dhi ☐ dha ☐

Umurii ☐

Muuxannoo hojii ☐

Gosa barnoota ittin leenjifamtan muummee_________ aantee____________

Baay'ina wayitii afaan Oromoo torbanitti ______________

**Gaaffiilee af gaaffii barsiisootaan Eeyyee yookiin Lakkii jechuun deebii argatan**

1 Adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddu galeessa godhate akka hojiirra hin oolleef gufuu kan ta’an dhabamsiisuun nidanda’amaa?

Eeyyee yoo jette akkamitti Lakkii yoo jette maaliif?

2 Gilgaalonni kitaaba barnootichaa keessatti qophaa’an adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleeffateetiin barsiisuuf miijataa dhaa? A, Eeyyee B, Lakkii

Sababa jettef waliif ibsi.

3 Yeroo barnootichaaf kennamee jiru, adeemsa barataa giddugaleessa godhate kana hojiirra oolchuuf gahaa dhaa?

Eeyyee yoo jette akkamitti? Lakkii yoo jette maaliif?

4 Adeemsa baruuf barsiisuu hirmaachisaa tahe, daree keessatti ni fayyadamtaa?

Eeyyee yoo jette akkamitti? Lakkii yoo jette maaliif?

# Yuuniversitii Jimmaatti

**Koolleejjii Saayinsii  Hawaasaa fi Namummaa MuummeeBarnoota Afaan Oromoo  fi Ogbarruu**

**DABALEE    C**

DAWWAANNAA DAREE

Maqaa mana barumsaa__________kutaa________daree______ guyyaa__________

Qabiyyee ________________Mata duree  ____________ Maqaa barsiisaa  ____________

Guca mirkaneeffannaa daawwii xiinxala adeemsa baruuf barsiisuu barataa giddugaleeffate

Daawwaannaan kun filannoo gosa lama kan of keessa qabu yeroo ta’u mallattoo (v) kaa’uudhan deebiin ibsama.

| T/L | Ga’ee barsiisaa | Barsiisaa 1 | | | | Barsiisaa 2 | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | G1 | | G2 | | G1 | | G2 | |
| | | Eyyeee | Lakkii | Eyyee | Lakkii | Eyyee | Lakkii | Eyyee | Lakkii |
| 1 | Mata dureef kaayyoo barnootaaguyyichaa barattootaaf beeksiseeraa? | | | | | | | | |
| 2 | Gochaalee adda addaa irratti barattoota hirmaachisuuf haala mijeesseeraa? | | | | | | | | |
| 3 | Adeemsa baruufi barsiisuu hunda hirmachisu fayyadameeraa? | | | | | | | | |
| 4 | Barattootnibarnoota kennameef sana fedhii fixiyyeeffannaan akka hordofaniif kitaaba  A/O qabatanii akka dhufan isaan kakaseera? | | | | | | | | |
| 5 | Adeemsa baruu barsiisuu hunda hirmaachisu fayyadameera? | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 6 | Barattoota daree keessattiwal qixa hirmaachisuun hordofeera ? | | | | | | | | |
| 7 | Barsiisaan gaaffilee ofiiisaaf deebisuurra barattoonni akka deebisan carraa kenneera? | | | | | | | | |
| 8 | Ga'ee kenname iirratti barattoonni gareen nimari'atu? | | | | | | | | |
| 9 | Hojii daree keessatti kennameef tokkoon tokkoon barataa kaka'umsa qabuu? | | | | | | | | |
| 10 | Garee uumame keessatti tokkoon tokkoon barataa ga'ee qabaa? | | | | | | | | |

Ibsa= G1=guyyaa tokkoffaa ,G2=guyyaa lammaffaa